



ethio telecom

Miidhagsituu Sagalee Waamichaaf Badhaafamaa

Erga galmootanii/Miidhagsituu Sagalee Waamichaa erga bitettanii booda gara 645 tti "Y" ergaa; Gaaffiiwan Deebisaa, Badhaafamaa

Guyyaan Sabootaa marsaa 18ffaan har'a Jigjigaatti kabajama

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Guyyaan Sabootaafi Sabalamootaa guyyaa seenessi biyyaalessummaa tokkummaa sabdaneessummaarratti hundaa'efi guyyaa sirni qeenxeen cabee sirna

sabdaneessummaatti ce'ame ta'uun ibsameera.

Ayyaanichi mata duree "Danummaafi walqixxummaa tokkummaa biyyaaf" jedhuun magaalaa guddoo Naannoo Somaalee, Jigjigaatti kabajamaa jira.

Ayyaanicha ilaalchisuun Ministirri Muumme Abiyyi Ahmad (PhD) ergaa бага аyyaana

Itoophiyummaatiin isin gahee dabarsaniiru.

Ergaasaanii keessatti, ayyaanichi ayyaana Itoophiyummaati jedhanii, Itoophiyummaa jechuun cenyummaa biyyaalessaa tokkummaa sabdaneessummaarratti hundaa'e kan giddugaleeffate ta'uus eeran.

Gara fuula 15tti

Kaffaltii Qofaaf Miti ...

Baankii Awaash AwashBank

Awash E-School Management System



"Fooyya'uun nageenyaa sochii godinichaa gara gaariitti fideera"

- Obbo Solomoon Taammiiruu

page 14

Taammiiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sirni federaalizimiin sabdaneessaa gaaffii sabootaafi sablamootaafi ummattootaa deebisuun biyyattii diigamuurraa kan baraare ta'uu Ittigaafatamaan Dhimmoota Kominikeeshinii Mana Maree Federeeshinii Obbo Tarrafaa Badhaadhaa ibsan.

Obbo Tarrafaan ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf kennaniin

"Federaalizimiin sabdaneessummaan biyyattii diigamuurraa baraareera"

-Obbo Tarrafaa Badhaadhaa



gaaffii mirgaa qaban 17 biyyattiitti qabsoo adeemsisaa turan. Qaamoleen gaaffiiwwan cenyummaa, afaanii, aadaafi walqixxummaa ilaalchisee qabsoo taasisaa turan kunneen bara 1983 mootummaa abbaa irree, Darguu dhabamsiisuun sirna federaalizimii sabdaneessaaf karra saaquu danda'aniiru. Sirna kanaan Sadaasa 29 bara 1987tti hundaa'uun afdaneessummaafi sabdaneessummaaf yeroo jalqabaatiif heera mootummaan beekantiin kenname Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataan

Gara fuula 15tti

akka jedhanitti, mootummaa abbaa irree fonqolchuuf qaamoleen siyaasaa

Humni qilleensaa Itoophiyaa hidhannoofi balaliistota hedduu horate

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Humni qilleensa Itoophiyaa hidhannoowwan ammayyaa'oofi balaliistota humna qilleensaa hedduu horachuu ajajaa olaanaan Humna Qilleensa Itoophiyaa Leetenaal Jeneraal Yilmaa Mardaasaa ibsan. Humni qilleensichaa Sadaasa 20 irraa eegalee guyyaa hundeeffamasaa waggaa 88ffaa sagantaalee garagaraatiin kabajachaa jiraachuus ibsaniiru.

Leetinaal Jeneraal Yilmaan kabaja hundeeffama humna qilleensichaa ilaalchisuun ibsa gaazexeessitootaaf dheengadda kennaniin akka jedhanitti, jijjiiramaa as Humni Qilleensaa Itoophiyaa hidhannoowwan humna qilleensaa



ammayyaa'oofi balaliistotaa ga'umsa qaban heddummiinaan horateera. Misooma humna namaarratti namoota dirqamasaanii ga'umsaan



ba'an hedduus leenjisuu danda'eera. Balaliistotafi teknishaanotaaf leenjii dandeettii ga'umsa hoggansaa dabalataan

kennamuun seenaa Humna Qilleensaa Itoophiyaa keessatti waan baratame miti.

Gara fuula 14tti

ODUU

“Itoophiyaa guddoon kaleessarra har’a ijaaramaa jirti”

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Itoophiyaa haaraa daran guddatte har’a ijaarsishee eegalame malee Itoophiyaa guddoon kaleessaa akka isaanitti hinmul’atne Hayyuun Saayinsii Hawaasaa Doktor Mulugeetaa Dabbabaa ibsan.

Doktor Mulugeetaan Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, seenessa waloo ijaaruun seenessa “Guddaa turre gara guddummaatti deebina” jedhu sirreessuurraa eegala. Itoophiyaan lammiishee hedduuf mana hidhaa taatee turteefi bara 1960moota dho’iinsa fincila barattootaaf sababa taate madaala kamiin guddoo akka taate isaanif gaaffiidha.

Eenyummaa ummatoota biyyattii beekamtii dhorkachuun dabalata rakkoon dinagdee, keessattuu beelli hamaan biyyi kun ittiin beekamaa turte sirnoota darban keessa mudate.

Gama biraatiin ammoo sochii barattootaa kanaan namootni akka Ibsaa Guutamaa, Xilaahuun Gizawuufi Waalallinyi Mokonnaafaa kan ilaalcha naannummaarra ejjechuun ilaalcha biyyummaa qabatani cuqursaa sabootaafi sablammootaa dhabamsiisuun jiraachuus yaadachiisaniiru.

Haa ta’uutii, ammaan tana qooda sabootaafi sablammootaaf beekamtii guddaa kennuun eegaluu hidhaan Laga Abbayyaa calaqqee



tokko ta’uu kaasanii; masaraa mootummaa keessattis qooda ummatootaa waan ibsan bocuufi barreessuun taatee kana dura hinbaratamne ta’uu ibsaniiru.

Sochiin dinagdeefi hawaasummaa hunda hirmaachisuun waltajjii addunyaatti beekamtii horataa jirus taatee haaraa ta’uu himaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaan durii jalqabdee biyya taatee akka ittifuuf qoodni ummatoota biyyattii olaanaa ture. Taatee dhiyeenya lola Adwaa wayita ilaalamu tokkummaan hiriiru ummatoota biyyattiin ala injifannoon waan yaadamu miti. Haaluma walfakkaatuun ijaarsa

-Mulugeetaa Dabbabaa (PhD)

hidha Laga Abbayyaa deeggarsa alaa tokko malee milkeessuun hirmaannaa sabootaafi sablammootaan alatti waan abjootamu miti. Ta’us seenessa tokko ol kaasuu, isa kaan ammoo gad buusuun gaarummaafi tokkummaa bareedaa kaleessaa aguugee hanga har’aatti rakkoo uumaa jira.

Hanga federaalizimiin sabdaneessaa wabii ta’ee jirutti ilaalchi biyyummaafi sabummaa walhindhiitu kan jedhan Hayyuun kun; biyyoota akka Ameerikaa, Siwaazarlaandiifi kanneen biroo walqixxummaan ittidaagetti dantaa biyyaarratti dhimmootni namni hundi walfaana hiriiru hedduun jiraachuu dubbataniiru. Biyyoota kanneen keessatti waa’een aadaafi eenyummaa rakkoo ta’ee akka hinkaanes ibsaniiru.

Itoophiyaan biyya ijaarsishee hinxumuramne waan ta’ee sodaa cunqursaa kaleessaarraa kan ka’e qorqalbiin Itoophiyummaa gadaanaa ta’uu eeranii; qaawwan kanneen bu’uureffachuun ilaalchi sabummaa fiixeetti ba’e dagaagaa dhufuu dubbataniiru. Sodaafi shakkii kana maqsuufis falli jiru walqixxummaa eegalame daran gabbisu ta’uu dhaamaniiru.

Ammaan tana rakkoo kaleessaatiin walfalmuun yeroo gubuu hafee seenessa qeenxeerra ejjechuun seenessa waloo ijaaruun fala ta’uu himanii; seenaa dabe sirreessuuf garuu yeroofi qabeenya barbaachisu ramaduun qorannoo gadfagoo taasisuun furmaata ta’uu gorsaniiru.



Ustaaz Ahimaddin Jabal



Ustaaz Kaamil Shamsuu

“Itoophiyaatti Musliima ta’uun akka lammii lammaffaa qofa osoo hintaane akka yakkaatti ilaalamaa ture”

-Barsiisotaafi gorsitoota amantii Islaamaa

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Simoota darban keessa hawaasni Musliimaa abbaa biyyaa ta’ee osoo jiruu akka lammii lammataafi yakkamaatti ilaalamaa turuu barsiisotaafi gorsitootni amantii Islaamaa turtii Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin taasisaniin ibsan. Ammaan tana garuu gaaffileen bu’uuraa hawaasni Musliimaa kaasaa ture deebii argachuus kaasanii.

Hayyootni kunneen akka jedhanitti, rakkoo walxaxaan sabummaafi amantii bu’uureffate biyyattiitti dagaagee turuun waanuma beekamudha. Keessattuu dhiibbaan barootaaf hawaasa Musliimaarra ture daran ulfaataafi dubbachuufuu kan nama rakkisuudha. Ta’us jijjiiramaa as hawaasni Musliimaa waan gaarii Itoophiyaarraa dhandhamachuu eegaleera jechuun ibsaniiru.

Ustaaz Ahimaddin Jabal, Dubbi Hima Korea Fala Barbaadduu Hawaasa Musliimaa, Gorsaa Pirezidaantii Majjilisa Federaalaa, Barsiisaafi Barreessaa Amantii Islaamaati. Namoota hawaasni Musliimaa biyyattiitti boquu olqabatee akka deemuuf mana amala sirreessaatti dararama guddaa keessummeessan keessaa isa tokko.

Akka isaan jedhanitti, bara mootii Hayilasillaaseerraa kaasee musliima ta’uun akka lammii lammataatti ilaalamaa bira darbee dhaabbatni amantii hawaasa musliimaa hanga dhaabbata miti mootummaa tokkoottuu kabaja hinqabu ture.

Namni hawaasa musliimaa bakka bu’ee gaaffii mirgaa gaafatu kallattiidhumaan barjaan shororkeessaa ittimaxxanfamuun mana adabaatti darbatama. Amantii kana ta’ee jedhanii ija

Gara fuula 15tti

Paarkii Biyyaalessaa Gaarreen Baalee utubaa dinagdee taasisuun gahee hundaati

Gammachuu Kadiriin

Roobee: Paarkii Biyyaalessaa Gaarreen Baalee utubaa dinagdee biyyaa taasisuuf hojjiin paarkicha kunuunsuu gahee hundaa ta’uu Ministeerri Turiizimii ibse.

Paarkichi ‘UNESCO’tti akka galmaa’uuf qaamolee gumaacha taasisaniif Kibxata darbe magaalaa Roobeetti beekamtiin kennameera.

Ministirri Ministeera Turiizimii Ambaasaaddar Naasisee Caalii sagantaa beekamtii kennuurratti argamuun haasaa taasisaniin, Paarkii Biyyaalessaa Gaarreen Baalee hambaa ‘UNESCO’ ta’ee akka galmaa’uuf ummatiifi mootummaan Itoophiyaa ifaajjii olaanaa taasisuu eeranii, ta’us hambaa ta’ee galmaa’uu qofti galma waan hintaaneef kunuunsuufi misoomsuun utubaa dinagdee biyyattii taasisuun dirqama hundaa ta’uu hubachiisu.

Daarektarii Olaanaan Abbaa Taayitaa Eegumsa Bosonaa Itoophiyaa Obbo Kumarraa Waaqjiraa gamasaaniin, paarkii qabeenya turiizimii biyyaa ta’ee kun sababa hirmaannaa ummataafi uumamaan hawwataa ta’uusaan galmee hambaa addunyaarratti galmaa’uu danda’uu himanii, ta’us kunuunsuufi misoomsuun madda dinagdee ta’ee dhalootatti akka darbu taasisuun barbaachisaa ta’uu dubbataniiru. Paarkichi hambaa addunyaatti galmaa’uunsaa Itoophiyaa sadarkaa Afrikaatti akka dursitu taasisus yaadachiisaniiru.

Sadarkaa Pirezdaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Misooma Baadiyyaa Oromiyaa Obbo Abdurraamaan Abdallaa akka jedhanitti, paarkicha madda dinagdee taasisuuf nageenya



Wayita beekamtiin kennametti

mirkaneeessuun barbaachisaadha. Mootummaan guddina dinagdee biyyattii damee turiizimiin utubuuf xiyyeeffannaa addaan hojjetaa jira. Yaa’iinsa daawwatootaa dabaluufts bu’uuraalee misoomaa barbaachisoo guutaa jira. Abbootiin qabeenyaa taajaajila Hoteelaa irratti hirmaannaa cimaa taasisuu qabu.

Bulchaan Godina Baalee Obbo Abdulaakiim Aliyyii gamasaaniin akka jedhanitti, paarkichi waggoota 54 booda galmee hambaa ‘UNESCO’tti galmaa’uunsaa hawaasa godinichaa gammachiiseera. Madaala uumamaa eeguun fedhii bishaanii bonaafi ganna guutuudhaan waggaa marsaa lama akka omishan isaan dandeessiseera. Sababa kanarraa ka’uun Godinni Baalee alergii qamadiirratti hirmaannaa akka qabaattu taasisera. Yeroo ammaa kana ummata miliyoona 30 wabii ta’uu himanii, guddina dinagdee biyyaa keessatti gumaacha irraa eegamu akka gumaachuuf hundumtuu kunuunsuufi

misoomsuu qaba.

Waaqjira Aadaafi Turiizimii Godina Baaleetti Abbaan Adeemsa Misooma Babal’ina Turiizimii Obbo Shibbiruu Abdo akka jedhanitti, kunuunsaa hawaasa naannawaafi xiyyeeffannaa mootummaan Paarkii Biyyaalessaa Gaarreen Baaleef kenneen ulaagaa ‘UNESCO’ guutuun hambaa addunya ta’eera. Yeroo ammaa kana sochiin turiizimii godinichaa akka fooyya’u taasisera. Bu’aan paarkichaa jal’isii bona, anniisaa maddisiisuu, madaala naannawaa eeguufi carraa hojii uumuu dabalatee jireenya ummata godinichaa waliin waan walqabatuu ummati paarkicha akka kunuunsuuf hojjiin hubannoo uumuu bal’aan hojjetamaa jira.

Qaamoleen hundumtuu kunuunsuufi misooma paarkicharratti gaheesani akka ba’aniif miidiyaan biyyattii hojii hubannoo uumuufi beeksisuurratti tumsa akka taasisan waamicha dhiyeessaniiru.

Ijoo Dubbii

Heddumminaafi walqixxummaa utubaa tokkummaa biyyaalessaa

Guyyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa har'a, Sadaasa 29 bara 2016 kabajamaa jiru bu'aa qabsoo waloo sabootuma kanneeniiti.

Sarbanni eenyummaa, aadaa, duudhaafi seenaa waggoota 150 oliif ture qabsoo ummatoota cunqurfamootiin hunkutaa'ee wabii heerawaa ittiargate, guyyaa golgaan sirna qeenxee itti burkutaa'ee biiftuun walqixxummaa ittibaate akkasumas bu'uuri sirna federaalizimii ittikaa'ame, seerri seeraan olii, heerri RFDI ittiragga'e.

Sadaasni 29 guyyaa seenaqabeessa sabdaneessummaan, afdaneessummaafi amantii hedduu qabaachuun Itoophiyaa abaarsa otoo hintaane eebba ta'uun ittimirkanaa'e, heerarratti tumamuun kabaja itti argateedha. Guyyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa kun keessummaa jijjiiramaan as sirna federaalizimii sabdaneessa obbolummaarratti hundaa'e ijaarudhaan duudhaa waldanda'uu ummataa fakkeessaaf osoo hintaane gochaan akka mirkanaa'uuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuun ittimul'ifamuudha.

Hedduminni abaarsa osoo hintaane eebba; hanqina osoo hintaane cimina; xiqqeenya osoo hintaane guddummaadha. Haata'u malee, hedduminni kabajaafi ulfina osoo hinargatiin waggootaaf turuun garaa garummaa jaba uumaa ture. Walqixxummaa sabootaas gatii dhabsiisuun yeroodhaa gara yerootti aarsaa himmalle kaffalchiisaa boodatti hafummaa, hiyyummaafi quucaru sirna dimokraasitiif karaa saaqee ture.

Mootummaan jijjiiramaa rakkoo kana hunderraa furuuf sirna federaalizimii fedhiifi obbolummaarratti ijaarame jabeessuun sabdaneessummaati ulfina horaa jira. Dhimmoota ijoo kabaja sabdaneessummaa cimsan, ashaaraa sabootaa, sablammootaafi ummatootaa olkaasaniifi waliigaltee biyyaalessummaa cimsaniratti xiyyeeffannoon hojjechaa jira.

Sirnoota darban keessatti gaaffiileen eenyummaa, amantii, siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaan otoo deebii hinargatiin waan turaniif ALA bara 1991 booda sirni federaalizimii sabdaneessaa biyya keenyaaf filatamaa ta'e dhugooma.

Guyyichi Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa aadaa walii baruufi walittihidhamiinsa cimsuuf gumaacha olaanaa qabaata.

Guyyichi keessummaa barana haala baramaan ala hojiilee tola ooltummaa, biqiltuulee kunuunsuufi hojiilee misoomaa daaw'achuu fa'iiin, guyyoota Sadaasa 25 irraa kaasee hanga har'aatti jiraniif maqaalee, "Guyyaa Obbolummaa, Heddumminaa, Waloomaa, Ida'amuufi Itoophiyaa" jedhaman moggaasuufi taateewwan adda addaatiin dabaaluuni kabajamaa kan jiru.

Oggaa guyyaan heerri RFDI wabii afaan, aadaafi eenyummaa ta'e ittiragga'e kun kabajamutti dhimmi ijoo hanga liibsuu ijaatiifillee dagatamuu hinqabnes jira, nageenya. Itoophiyaatti nageenya waaraa dhugoomsuuf seenessawwan ykn dhugaawwan waloo ijaarratti xiyyeeffachuun murteessaadha. Akkasumas, heddumminaafi walqixxummaa kabajuu, eeguufi eegsisuun daran barbaachisaadha. Dhugaawwan ykn seenessa walooratti xiyyeeffachuufi ijaaruurrattis akkasuma.

Ayyaanicha haala aadaafi duudhaa obbolummaa ajaa'ibaa saboonni biyyattii durumaa kaasanii qaban caalaatti dagaagsuufi haala dhaloota ittaanuuf dabarsuun danda'amuun, egereef bu'uura ta'uun kabajuun barbaachisaadha.

Haalichi guyyoota murtaa'aniif afaanumaan jejjedhamee kan biraa deebi'amu otoo hintaane keessoo ofitti fudhachuun karaa walitti hidhamiinsaafi jaalala ummatoota jidduu jiru akka funcaa cimaatti hidhee nageenya waaraa mirkaneessuun kan ittifufu ta'uu qaba.

Gama kanaaniin seeneffamni ture saba tokko, afaan tokko, amantii tokko, ummata tokko kan jedhuufi kan danummaa balleessuu barbaadu waan ta'eef sirna federaalizimii sabdaneessaa wabii eenyummaafi walqixxummaa ta'e kana eeggachuunis dhimma dagatamuu hinqabneedha.

Walumaagalatti sirni federaalizimii heddumminaafi walqixxummaa utubaa tokkummaa biyyaalessaa waan ta'eef amaloota sirna federaalizimii kanneen akka waldanda'uu, beekantii walii kennuudhaan akkasumas, dhaabbilee dimokiraasii ijaarudhaan, warreen jiran ammoo cimsuun dhimma daran barbaachisuudha.

Yaada



Sirna kabaja guyyaa sabootaa Jijigaatti adeemsifamaa jiru keessaa

Suurri Barrihun Taaddalaatiin

Biyyi waldanda'uun tokkoomti

Waasihun Takileetiin

Gaafa waa'een Itoophiyaa ka'u kaan biyya afaan tokkoo aadaa tokkoo amantaa tokkoo taasisee ilaala; ilaalchi kunimmoo duubatti hafummaarraa kan maddu, barnoota ammayyaafi ilaalcha siyaasaa tarkanfachiisaadhaan kan hinqoraafameefi seenaa ragaa hinqabneedha.

Ijaarama Itoophiyaatiin walqabatee wayita seenessa jiru duubatti deebinee ilaallus dhiibbaafi cunqursaa sirnoonni darban qaqqabsiisaa turaniin walqabatee seenaa jallisanii dhugaa dabsanii jiraachuu, sabaafi sablammiiilee dagatanii murna tokko qofa leellisuu mul'ata.

Sirnoonni farra walqixxummaa ta'an dabareesani eegatanii erga hurraa'ani as sabaafi sablammiiileen mirgoota ofiin of bulchuu, afaansanii, aadaasani guddisuu, amantaa fedhan hordofuu mirga filachuufi filatamuu argataniiru.

Injifannoon siyaasaa gama kanaan argame sabaafi sablammiiilee jaarraa tokkoofi walakkaa oliif ukkaamsaa jala turan gadi baasee kan mul'ise mirgi walqixxummaa akka kabajamu, ilaalchi natu sii beekaa akka quucaru ta'eera.

Jaarraa 21ffaa kanatti ilaalcha natu sii beekaa yeroon irradarbeefi humnaan biyya tokkoomsuuf yaaluun biyya diiguudha malee ijaaru akka hintaane eenyumaafuu ifaadha.

Ilaalchi akkasii jaarraa tokkoofi walakkaa oliif ilmaan sabaafi sablammiiirratti cunqursawwan gara garaa qaqqabsiisuun waldhabdeef sababa ta'aa waan tureef amma fudhatummaa hinqabu. Miiiri waloo biyyaa akka dhugoomu, tokkummaan akka lafa qabatu waldandahuun, aadaa, afaaniifi eenyummaa walii kabajuun dirqama.

Ilaalcha namoonni tokko tokko qabatani deemaniin mootummaan amma aangorra jiru sirna tokkee deebisuuf yaalaa jira kan jedhan jiru. Kun dogoggora. Mootummaan amma aangorra jiru sabdaneessummaaf bakka guddaa qaba. Kana dhugoomsuufis humna guutuudhaan hojjetaa jiraachuu Ministirri Muummee RFDI Dokar Abiyyi Ahmad leenjii tibbana hoggansa mootummaatiif kennamerratti dubbataniiru.

Sabaafi sablammiiileen walitti dhufanii Itoophiyaa sabdaneettii hundaaf taatu ijaarrachaa jiru. Kanaan ala ilaalcha finxaalessummaa fiixeetti baheen waanti, "Yoo ani bulche malee biyyi diigamti" jedhamus jiraachuu kaasanii, kun eessayyuu akka nama hingeessisne eeran.

Waldhabdeen yaadaa ilaafi ilameedhaan malee qawweedhaan waan hinfurameef

garaagarummaa mariidhaan furuun biyya badhaatuufi hunda walqixa keessummeessitu ijaaruf hojjechuun barbaachisaadha.

Sabaafi sablammiiileen afaan eenyummaa, aadaafi sirnootaasani dagaagafchuuf mirga qabu. Kana daangessuunis hindanda'amu. Kana keessatti akkuma kan ofii dagaagfachuuf dhama'amu kan warra kaaniis kankooti jedhanii fudhachuun barbaachisaadha. Ilaalcha walqixxummaafi misoomawaadhaan biyya ofii ijaaruunis akkasuma.

Itoophiyaan walbummaashii kan tikfate irree gamtoomeeni. Har'as nageenyaafi misooma waaraa mirkaneeffachuuf waliin dhaabachuun dirqama.

Biyya hundaaf taatuufi hunda walqixa tajaajiltu dhaloota dhufuuf dabarsuuf humna guutuun hojjechuun murteessaadha. Kanaafis jijjiiramoota abdachiisoo onnachiisoo galmaa'aa jiran akka milkaa'an gochuu barbaachisa.

Walqixxummaan sabaafi sablammii kanaan dura hinmirkanoofta jedhamee qabsaa'amaafii ture amma haala gaariirra kan jiru yoo ta'u, sirni federaalizimii bu'aa buuseera. Sirnichi saboonni mirga ofiin of bulchuu akka gonfatan, qabeenyasaaniirratti abooman, aadaa, afaan duudhaasani gabbifachuu akka danda'an taasisera.

Gaaffiin naannoodhaan ijaaramuu ka'aa tures deebii kan argate yoo ta'u, baay'inni naannolees sagalirraa gara 12tti guddateera. Kunis kutannaa mootummaan federaalizimii ijaaruurratti qabu olaanaa ta'uu kan agarsiisuudha. Mootumman sirna qeenxee deebisaa jira yaanni jedhu olola; waa'een naannolee irranatti kaasnee fakkeenya ga'aa waan ta'eef.

Gama biraatiin nannoleen babal'achuun biyya bittinneessa yaanni jedhu ilaalcha finxaalessummaa ta'uun ala sirumayyuu miirri walkabajuu, waldanda'uufi waliin jiraachuu akka gabbatu kan taasisuudha.

Akkuma mootummaan jijjiiramaa dimokiraasiin akka babal'atuufi walqixxummaa dhugoomu cichee hojjetu qaamni kamuu gara aangooti dhufuuf filannoo qofa filannoo godhachuu qaba.

Yaaliin qawwee kaasanii humnaan aangoo qabachuuf taasifamu kan yeroon itti darbe akkasumas sochii dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa kan miidhu waan ta'eef ilaalcha diigumsaara dimokiraatawaa ta'ani yaada caalmaa qabuun caalanii argamuuf tattaaffachuutu barbaachisa.

Walumaagalatti Itoophiyaan biyya sabdaneettii waan taateef ijarsa egeresheef miirri tokkummaafi tumsi sabootaafi sablammiiilee murteessaa waan ta'eef tokkummaarratti cichanii hojjechuun barbaachisaadha.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

fi Ethiopian Press Agency

ODUU



Wayita waliigalteen mallatteeffametti

Oromiyaatti kenniinsa tajaajilaa dijitaallessuuf waliigalteen mallatteeffame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa haala kenniinsa tajaajilootasaa dijitaallessuurratti Itiyoo-Telekoom waliin waliigaltee mallatteesse. Waliigalteen kun Bulchiinsa Magaalaa Shaggar waliinis taasifameera.

Sadarkaa Pirezidaantii Ittaantuutti Hoggantuun Biiroo Galiwwan Oromiyaa Aadde Maskaram Dabbabaa sagantaa waliigaltee kanarratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, kanaan dura naannichatti tajaajilawwan gama barnootaa, fayyaa, investimantii, galiifi kkftiin kennaman akka dijitaalaa'an taasifameera.

Waliigalteen taasifame kunis seektaroota filataman keessatti tajaajilawwan kennaman dijitaallessuuf kan gargaaru ta'uu himanii, seektaroonni waajjira pirezidaantiirraa eegalee hanga gandaatti jiran hundi tajaajilasaanii dijitaallessuu akka qaban hubachiisu.

Kaantiibaan Magaalaa Shaggar Doktor Tashoomaa Addunyaa gamasaaniitiin akka dubbatanitti, Shaggar barii itihundaa'erraa eegalee tajaajilasaa dijitaallessuurratti hojjechuurratti argama. Magaalichatti dhimmootni walxaxoo hedduun jiraachuu himanii, dhimmoota kanneen teknoloojii malee bulchuun waan ulfaatuuf waliigalteen mallattaa'e murteessaa ta'uu ibsaniiru.

Bulchiinsi magaalichaa giddugala waliigaltee kana hojiitti hiikuuf wiirtuu (Central Situation Room) mataasaa ijaaruu haaldureen xumuruu eeraniiru.

Gaggeessituun Hojii Olaantuun Itiyoo-Telekoom Firewot Taammiruu akka dubbatanitti, jireenya lammiilee jijjiiruuf digitaalaa'izeeshinii ittifayyadamuun barbaachisaadha.

Naannoon Oromiyaa daran bal'aa waan ta'eeffis naannichatti tajaajilota kennaman dijitaallessuun filannoo osoo hintaane dirqama ta'uus himaniiru.

“Sirni federaalizimii sabdaneessummaa waldhabdeef sababa hinta’u”

-Doktar Taaddasaa Jaalataa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sirni federaalizimii sabdaneessummaa mataasaatiin waldhabdeef sababa akka hintaane Hayyuun Saayinsii Hawaasaa ibsan.

Yunivarsiitii Finfinneetti Qorataan Saayinsii Hawaasaa Doktor Taaddasaa Jaalataa, yaada Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf torbee darbe kennaniin akka jedhanitti, sirna federaalizimii sabdaneessummaa qixa barbaadamuun hojiitti hiikuu dhabuutu waldhabdee uumuu danda'a malee sirnichi mataasaatiin tokkummaa biyyaa cimsuun ala waldhabdeef sababa ta'uu hindanda'u.

Hundeeffamuu sirna federaalizimii sabdaneessummaa dura cunqursaan afaanii, aadaafi amantii turuu yaadachiisanii, saboonniifi sablammootni biyyattii fedhii eenyummaa ofii dagaagsuu, eenyummaa ofiitiin boonuu qaban mirkaneeffachuuf gareedhaanis ta'e qeenxeedhaan sirnoota cunqursoorratti qabsaa'aa turuu eeran.

Qabsoo taasisaniinis bara 1983 saboonniifi sablammootni biyyattii waliin ta'uun sirna federaalizimii hundeessuun erga mirga ofiin of bulchuu argatanii booda Sadaasa 29, bara 1987 heera waliinii kan mirgaafi walqixxummaasaaniif wabii ta'u karaa bakka bu'ootasaniis raggaasifachuu ibsu. Guyyaa heerri kun ittiragga'es guyyaa Sabootaa, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa jedhamee akka kabajamu ta'uu kaasu. Guyyichi yommuu kabajamu miira obbolommaafi tokkummaa cimsuun ta'uu akka qabus hubachiisaniiiru.

Sirni federaalizimii fedhii sabaafi sablammootaanhundaa'ekunsirnagaaffiiwwan afaanii, aadaafi eenyummaan itti deebii argate



ta'uus biyyattii keessatti waldhabdeewwan garagaraa yommuu uumaman ni mul'ata kan jedhan Doktor Taaddasaa, waldhabdeewwan kunneen sababoota garagaraa qabaatanis irra caalaansaanii qaamolee sirna federaalizimii sabdaneessaa hundaa'e kana barbaadaniifi hinbarbaanne gidduutti waldhabdee uumaman ta'uu himu.

Kana malees, sababootni akka seenessa waloorra seenessa qeenxee leellisuu, mariitti amanuu dhabuu, miira midhamummaa, rakkinaafi fedhii walii hubachuu dhabuunfaa biyyattii keessatti rakkolee siyaasaafi rakkolee hawaasummaa uumaa jiraachuu kaasu.

Sirnoota darban keessa cunqursaan sabaafi sablammoota hundarra turuu himanii, hoggantoota gita bittoota sirnoota yeroo sana turaniirraa kan hafe akka sabaatti sabni fayyadamaa ta'e hinjiru jedhan.

“Tokkummaan biyyaalessaa biyya guddatte ijaaruuuf daran murteessaadha, tokkummaa biyyaalessaa cimsuuf immoo seenessi waloo shoora olaanaa waan taphatuuf qaamotni dhimmi biyya kanaa na ilaallata jedhan hundi dagaagina seenessa walootiif hojjechuu qabu” jedhu.

“Opireeshinii qindaa'aa taasifameen bakkeewwan rakkoo nageenyaa hamaa jala turan qulqulleeffamaniiru”

-Doktar Mangashaa Fantaahun

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Naannoo Amaaraatti oppireeshinii qindaa'aa taasifameen bakkeewwan sodaa rakkoo nageenyaa hamaa jala turan bilisa ba'uu Biirron Kominikeeshinii Naannichaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Mangashaa Faantahun (PhD) Wiixata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, bakkeewwan rakkoon nageenyaa hamaan ture Gojjam Lixaafi Gojjam Bahaa oppireeshinii qindaa'aa qaamni nageenyaa naannichaafi federaalaa taasisaniin diina jalaa bilisa ba'aniiru. Haaluma kanaan, bakkeewwan hiixuufi gammoojjii iddoon leenjii waraanaa ta'uun Faannoo Finxaaleyyii tajaajilaa turan kanneen akka Qu'aariit,



Dagaa Daamotiifi Sakalaa bilisa ba'aniiru.

Naannicha bakkawwan hundatti haalli nageenyaa fooyya'us qaamni rukutamee bittinnaa'e gurmaa'ee ummata rifachiisuuf

iddoowwan tokko tokko manneen barnootaa daa'immaniirratti boombii dhoosuun shororkaa uumaa jiraachuu himanii; akka daandiin cufamuufis waamicha irra deddeebiin dhiyeessullee waan hawaasni nagaa barbaaduuf sochiin dinagdeefi hawaasummaa haala fooyya'arra jiraachuu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, labsii yeroo hatattamaan dura sochiileen dinagdeefi hawaasummaa guutummaatti laamsha'aniiru. Caasaan mootummaa olii hanga gadiitti diigamee ture. Ajjeechaa suukanneessaan raawwatameera. Namootni dhibee hamaan qabamanii yaalamaa turan mana yaalaa dhaqu dhorkamuun rakkoo hamaaf saaxilamuun ala gatiin meeshaalee dachaa hedduun dabaleera.

Amma meshaaleen gabaa giddugaleessaarraa gara naannichaatti geejibamaa jiraachuutti dabalee caasaaleen mootummaa bifa haaraan gurmaa'anii hojii eegaluu himaniiru, omisha oyiruura jiru sassaabuunis cimee ittifufuu ibsaniiru.

Naannawawwan roobni gahaan hinjirre, Gondor Kaabaafi Waagimiraatti hongeen mudachuu eeranii; ummata beelaaf saaxilame deeggaruuf mootummaa federaalaafi hawaasaa idiladdunyaa waliinta'uun hojjechaa jiraachuu himaniiru. Ta'us qaamni finxaalessi kun akka ummatni beelaan dhumuuf deeggarsa taasifamu danqaa jiraachuu dubbataniiru.

Fooyya'iinsa nageenyaa mul'ate jabeessuun yuunivarsiitiiwwan naannichaa yeroo dhiyoo keessatti barattoota akka waamanis ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Sadaasa 29 Bara 2016



“Kabajamuun guyyaa sabootaa bu’aa qaabsoo hadhaa’aa miidhaginni waloo itti calaqqisuudha”

- Jaal Qajeelaa Mardaasaa

fuula 9

Guyyaan sabootaafi sablammootaa baranaa agarsiisa dirreerra qofaan osoo hintaane waan ummata fayyadu hojjechuun kabajama”

- Kabajamoo Obbo Eeliyaas Ummataa



fuula 6



Leencoo Fiqruu: Dargaggeessa jabaa suursagaleewwan muuziqaa Afaan Oromoo duubaan jiru

fuula 10



Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta’uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

Oromiyaatti faalama naannawaa hir’isuuf qorannoo kaka’umsa ofiitiin adeemsifame

Kutaa 2ffaa

Kaayyoo qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa hanqinoota raawwii seerota eegumsa naannawaa hojiirra oolchuuf bahan keessatti mul’atan adda baasuun kallattii furmaataa kaa’uudha. Kanarraa ka’uun qorannoon kun kaayyoowwan armaan gadii qaba. Isaanis: Xiyyeeffannoon ittisa faalamaafi eegumsa naannawaarratti taasifamu daran akka dabaluu taasisuuf, seeronni kallattii kanaan bahan qixa sirriin hojiirra ooluu isaanii adda baasuufi seeronni barbaachisan haarawaan akka bahaniifi hojmaatiwwan barbaachisoon akka diriiran yaadachiisuuf qorannoon kun taasifameera.

Daangaa Qorannaa

Daangaa Qorannoo kanaa Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo Oromiyaa, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Mojo, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Duukam, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Galaan, Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa

Amboo, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, Mana Qopheessaa Bulchiinsa Magaalaa Caancoo, Mana Qopheessaafi Abbaa Taayitaa Eegumsa Nannoo Bulchiinsa Magaalaa Laga xaafuu Laga Daadhii irratti kan kan xiyyeeffate yoo ta’u walumaagalatti Biiroolee sadarkaa naannoo lamaafi bulchiinsa magaalota 10 irratti qorannaan kaka’umsa ofiinii kun taasifameera.

Maloota odeeffannoon ittiin walitti qabaman

Hooggantoota sadarkaan jiran irraa afaaafiin (interview), marii qaamolee dhimmi ilaallatu waliin gochuun (Focus Group Discussion), hojjetoota hojii kana hojjetaa jiran irraa gaaffii barreeffamaa (questionnaire) fayyadamuun akkasumas qaaman bakkatti argamuun ilaaluun (observation)fi ragaalee adda addaa ilaaluun odeeffannoon walitti qabameera.

Seerota Qorannoof walitti qabaman

Labsiiwwan:

- I. Labsii Hundeeffama Qaamolee Eegumsa Naannawaa Federaalaa Lakk. 295/1995,
- II. Labsii Madaallii Dhiibbaa Naannoo Federaalaa Lakk. 299/1995,
- III. Labsii To’annoo Faalama Naannoo Federaalaa Lakk.300/1995,

IV. Labsii To’annoo Dhabamsiisaafi Qabannaa Balfa Cima Federaalaa Lakk.1090/2010,

V. Labsii Sakatta’insa Dhiibbaa Naannoo Oromiyaa Lakk.176/2005,

VI. Labsii To’annoo Faalama Naannoo Oromiyaa Lakk.177/2005,

VII.Labsii Hundeeffama qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.242/2014,

Dambiiwwan:-

I. Dambii sakatta’insa dhiibbaa Naanno Oromiyaa Lakk 219/2013,

II. Dambii to’annoo faalama naannoo Lakk 220/2013,

Qajeelfamoota

I. Qajeelfama to’annoo faalama naannoo Oromiyaa Lakk 07/2014 fi 08/2014,

II. Qajeelfama Odiitii Naannoo lakk.06/2014,

III. Qajeelfama Sakkattainsa Dhiibbaa naannoo Oromiyaa 05/2014 hojii qorannichaaf nigargaaru jedhaman akka walitti qabaman taasifamiiru.

Hanqinoota gama hojii eegumsafi qulqina naannootiin walqabatee mul’atan ilaalchisee Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii Oromiyaafi Mana qopheessaa bulchiinsa magaalotaatiin mul’atan.

Iddoo gataatiin walqabatee

Magaalota ittiwaamamnisaanii naannoof ta’an 19 keessaa iddoo gataa sadarkaa isaa eeggate kan qaban magaalaa Jimmaafi Bishooftuu qofa yoo ta’an, kanneen hafan bakki gataa sadarkaa isaa eeggate kan hinjirre ta’uu, manni qopheessaa balfa yeroon kaasuu dhabuufi hanqinni geejjibaa balfi gogaan ittiin kaafamu jiraachuu, iddoon gataa sadarkaasaa eeggate akka jiraatuuf seektaroonni dhimmi ilaallatu biratti hanqinni qindoominaa jiraachuu.

Fakkeenyaaf Bulchinsa Magaalaa, Waajjira Investimantii, Daldala, Fayyaa, lafaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoofi Waajjira Mana Qopheessaa gidduutti, waajjira lafaa Lafa dhimma kanaaf oolu qopheessuu, beenyaan akka kaffalamuufi lafichi gadi lakkifamu gochuu irratti, Waajjirri bulchiinsa magaalaa bajata dhimma kanaaf oolu qopheessuufi qabachuu irratti, waajjirri fayyaa deeggarsa ogummaa dhimmaa kana irrattifi waajjirri investmentii yeroo hayyama Investimantii kennu dhimma qulqullina naannoo jiddu galeessa godhachuu irratti hanqinni qindoominaafi waliin hojjechuu qaamolee kanaa jiraachuunsaa adda baheera.

Ittifufa

KEESSUMMAA BARIISAA

Guyyaan sabootaa baranaa agarsiisa dirreerra qofaan osoo hintaane waan ummata fayyadu hojjechuun kabajama”

- Kabajamoo Obbo Eeliyaas Ummataa

Saamraawit Girmaatiin

Guyyaan Saboota Sabalamootaafi Ummattoota Itoophiyaa 18ffaan har'a, magaalaa guddittii naannoo Somaalee, Jigjigaatti sirna ho'aadhaan kabajama. Guyyaa kun guyyaa heerri biyyattii sanada waliigaltee ummattoota jedhamee beekamu itti ragga'e sababeeffachuun kan kabajamu yoo ta'u, guyyaa saboonni waanjoo garbummaa keessaa ittiin ba'ameedhas.

Nutis dhimma kanaaf dhimmoota birootiin walqabatee Afyaa'ii Ittaanaa Caffee Oromiyaa Obbo Eeliyaas Ummataa keessummaa keenya maxxansa kanaa taasifanneerraa; dubbisa gaarii!

Bariisaa: Yeroo keessaniif isin galateeffachaa, mee dubbistoota keenyaan walbaraa.

Obbo Eeliyaas: Tole. Eeliyaas Ummataa Karoorsaan jedhama. Dhaladhee kanin guddadhe Godina Wallagga Lixaa, aanaa duraan Aayiraa Gullisoo jedhamee walitti waamamu, amma Gullisoo jedhamutti. Barnootakoos yommuu umuriinkoo gahu Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Gullisootin kutaa tokkoffaa hamma saddeettaffaatti baradhe. Sadarkaa lammaffaas mana barnootaa 'LASS' (Lalo Aira Secondary School) jedhamu qabxiidhaan dorgomeen gale.

Kutaa saglaaffaa ergan achitti xumuree booda sochii soshaliziimii yeroo sanaatiin dargaggoota adamsuun waan tureef abbaankoo naannawichaa xiqqoo na fageessanii adaadaakoo bira Najjootti na ergan; kutaa kurnaffaa achittin baradhe. Ta'us waanin maatiirraa adda ba'ee hinbeekneef barnootakoo akkan barbaadetti hordofuun natti cime. Bara sana sadarkaan dur bahuu gadi baheen kutaa 10ffaa xumureen gara Aayiraa 'LASS' ti deebi'e barnootakoo xumure.

Barnootakoo sadarkaa olaanaas Kolleejjii Qonnaa Magaalaa Bishooftuutti argamu seeneen inni cufamnaa gara Haramaayaatti darbee eebbifame. Ittaanse gara addunyaa hojiittin makame. Yeroo jalqabaatiif naannoo amma Itoophiyaa Kibba Lixaa jedhamee beekamu Miizaan Teeppiittin Ministeera Bunaafi Shaayii jalatti hojii eegale.

Naannawa ADWUIn seenetti jalqabarra jijjiirraa argadhee gara Aanaa Dhidheessaa (yeroo sana Konyaa jedhama) dhufeen waggaa tokko sadarkaa abbaa adeemsaattin hojjedhe. Fooyyeessa Misooma Bunaa pirojektii jedhamuttis fudhatamee gara Mattuu deeme. Achittis sadarkaa ogeessummaarraa hanga qindeessummaatti dameewwan garagaraarra hojjedheera.

Muuxannoon achiiratti horadheenis gara hogganummaa Waajjira Qophii Wabii Nyaataafi Ittisa Balaa Godina Iluu Abbaa Boor ta'ee osoon hojjetaa jiruu yeroo ongee tarsiimoon qubannaa qophaa'ee Godina Harargeerraa namoonni gara Oromiyaa lixaa akka qubatan taasifame Hogganaa Qophii Ittisa Balaa godinichaa ta'ee hojjedheera. Akkasumas Hogganaa Ittaanaafi Hogganaa Waajjira Qonnaa godinichaa ta'ee walduraa duubaan hojjedheera.

Utun Ittaanaa Bulchaa Godinaafi Hogganaa Waajjira Qonnaa godinaa ta'ee

hojjetaa jiruu sadarkaa barnootakoos fooyyeffachuun waan narra jiruuf gara naannootti dhufeen digiriikoo lammaffaa Ikonomiksiidhaan Yunivarsitii Finfinneerraa akkasumas, gageessummaan Yunivarsitii Liidistaarirraa argadheera. Boodarra waamicha naa taasifameen yeroo mootummaa jijjiiramaa gara godinaatti deebi'een bara 2001 irraa eegalee Bulchaa Ittaanaafi Bulchaa Godina Wallagga Lixaa ta'ee waggoota sadiif hojjedheera. Yommuun gara sana deemetti waggaa tokkoof jedhamee ta'us haalli nageenyaa naannawa sana ture garuu akkan turuuf na dirqisiiseera.

Boodarra filannoo marsaa ja'ffaarratti dorgomee naannawa dhulootakoo, Aayiraa Gullisoo bakka bu'ee bara 2014 gara naannoo dhufe. Amma Afyaa'ii Ittaanaa Caffee Oromiyaa ta'een tajaajilaa jira.

Bariisaa: Egaa yommuu barattan barataa qaxalee akka turtan seenaa barnootaa sadarkaa lammaffaa keessanirraa hubachuuun ni danda'ama. Mee haala yeroos tureetti, bakka wantoonni hedduu namaa hinguunnetti bu'aaqabeessa ta'uu akkamiin ibsituu?

Obbo Eeliyaas: Akkuma beekamu jireenya har'aatiif bu'uurri kaleessaa murteessaadha. Kanaaf maatiifi hawaasni keessatti guddatanis murteessaadha. Yommuu kan har'aa wajjin walbira qabamee ilaalamu garaagarummaa bal'aa qaba. Fakkeenyaaf maatiin koo bal'aadha. Abbaankoo abbasaatiif hangafa waan ta'eef anis akka hangafaattin guddadhe. Kanaaf kunusiifi deggarsi naa taasifamu daran olaanaa ture. Dhugaa dubbachuuf akka ijoollee baadiyyaatti miti kanin guddadhe. Yeroo sanatti kanfanii mana barnootaa bultiitti barsiisuun daran cimaadha.

Inni biraan naamusni ittiin guddanne cimaadha. Naannawa sanatti amantiidhaan walqabatee haalli jiru cimaadha. Mana barnootaa keessatti Macaafa Qulqulluu kutaa sadaffaarraa kaasnee akka akaakuu barnootaa tokkotti baranna. Inni kun jireenya keenya keessatti gahee guddaa qaba. Waliigala barsiisonni keenyaafi hawaasni naannawaa milkaa'inaan guddachuu keenya keessatti bakka olaanaa qabu.

Bariisaa: Maal ta'uuf hawwitu turtan?

Obbo Eeliyaas: Inni kun biyya keenya keessatti daran rakkisaadha. Kan ati hawwitu kan biraa, kan sii ta'uu kan biraati. Ani saayinsii uumamaa barachuun barbaadayyu. Ta'uu kanin barbaadus gara fayyaa kana seenuu ture. Garuu ramaddiinkoo isaan ala



Suuri: Gabuuboo Gabreetiin

ture. Ta'ullee bakkan amma jiru kanatti gammadaadha.

Bariisaa: Gara hoggansaattoo nan dhufa jettanii yaaddanii beektuu?

Obbo Eeliyaas: Inni hojiidhuma keessa dhufa. Ani hoggansa osoo hintaane ummata tajaajiluu isa jedhutu natti tola. Egaa yeroo hojjetu keessatti hojiin hojjetu gara hoggansaatti si fiduu mala. Ani ammas taanaan hamma humnakoo ummata tajaajiluu, rakkataa gargaaruutu na gammachiisa.

Fakkeenyaaf yoo gara maatiikootti dhufte ani ijoolleen ofii godhadhe baay'ee hinqabu; intala Doktor Meetii Eeliyaas jedhamtu tokkon qaba; garuu kanin guddiseefi guddisaa jiru baay'een qaba. Ijoollee baay'ee barsiisee ogummaawwan addaddaarratti bobba'an qaba.

Bariisaa: Mee egaa jireenya dhuunfaa keessan keessaa haa baanuuti, addatti har'i guyyaa ayyaanni saboota, sabalamootaafi ummattoota akka biyyaatti itti kabajamu ta'uusaatiin waa'ee guyyichaa waa muraasa dubbistoota keenyaan jedha.

Obbo Eeliyaas: Sadaasni 29 guyyaa heerri RFDI itti ragga'e waan ta'eef sana sababeeffachuun kabajama; kunis bara 1987 jechuudha. Guyyaan kun akka kabajamuuf ammoo murtoo Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa Ebla bara 1997 murteesseen Sadaasa 29 bara 1998 irraa eegalee waggaa waggaadhaan magaalota naannoo garagaraarratti kabajamaa jira.

Bara 1987 sanadni waliigaltee saboota, sablamootaafi ummattoota kan ta'e heerri amma jiru osoo hinragga'iin dura, heerri biyyattii mootiidhaan kenname jedhamee kan beekamuufi barreeffamaanis kan jiru hanga bara 1966 Hayila Sillaaseen aangoorraa gaggeeffamanitti hojiirra kan tureedha.

Kunis bara 1931 kan ba'efi bara 1955 kan

fooyya'e ture. Ergasii booda Isappaakoo'n 'Ihidirii' jedhee bara 1980 fooyyessuuf yaalus waggoota sadii booda aangoorraa ari'ame. Hangasitti garuu hojiirra ture.

Heera bara mootii Hayila Sillaasee wanti adda taasisu sirna fiwudaaliziimii ykn baalabbaataa jedhamuufi gita bittaa cunqursaa kan dhaadhessu, mirgi sabootaafi sabalamootaas kan itti hineegamne, inumaayyuu kan itti dhiitame ture. Afaan, amantii, aadaafi duudhaan sabootaa beekamtii kan itti hinarganneefi amantiifi afaan saba tokkoo qofti olaantummaadhaan kan itti calaqqisu ture.

Amantiin tokkichis akka amantiin mootummaatti kan itti fudhatame ture. Bu'uura dinagdee kan ture laftis harka warra baalabbaataa ture. Kana malees mirgoonni uumamaafi dimokraasii kan keessatti hinkabajanneedha.

Sirna kana jijjiiruuf qabsoo hadhaawaa barattoota yunivarsiitiifi qonnaan bultootaan taasifameen mootichi aangoorraa bu'uu danda'aniiru. Kanaanis mootummaa abbaa irree tokkoffaan kufee, abbaa irree lammaffaa ykn Dargiin dhufe. Innis bulchiinsa yeroo mootummaa hundeessuun heeruma dura ture qabatee hamma bara 1980tti ittifuera. Booda heericha fooyyessuuf wanti yaalame jiraatus waan waraana keessa turameef fincilli hammaate, bara 1983 aangoorraa bu'ee ADWUIn aangoo qabate.

Bara 1983 hanga Sadaasa 29 bara 1987 heerri haaraan ragga'utti yeroo ce'umsaa jedhamee biyyi ittiin bulaa turte. Sana booda qorannoo gadi fagoon, muuxannoon biyyoota addaddaa taasifamee hayyootaafi ogeessota biyyattii keessatti hirmaachisuun qophaa'ee ummataaf dhihaatee erga irratti mari'atamee booda ragga'e.

Heerri kun sabootaafi sabalamoota biyyattii hundaaf beekamtii kan kenneefi mirgasaanii kan kabajuudha. Yeroo ammaas sanada waliigaltee saboota,

KEESSUMMAA BARIISAA

Guyyaan sabootaa baranaa agarsiisa dirreerra...

sabalammootaafi ummattoota Itoophiyaa ta'ee hojiirra jira.

Hayyoonniifi qaamoleen siyaasaa heerichi akka fooyya'uuf gaaffii kaasaa kan jiran yoo ta'u, heerichi Macaafa Qulqulluu ykn Quraana waan hintaanef akkuma biyyoota guddatanii haala yerootiin wanti fooyya'u ni jiraata. Kanaafis koreen dhaabatee, qorannoowwan addaddaa gaggeeffamee, mootummaan eeyyamamaa ta'ee akka biyyalessaatti dhimmoonni ilaalamaa jiran jiru. Heerri uumamumasaatiin har'a qoratamee waggaa har'aa ykn waggaa lamaan har'aa hojiirra oolu osoo hintaane qoratamee yeroo dheeraaf kan turu waan ta'eef akkanaa ilaalamuu qaba.

Bariisaa: Saboonniif sablammoonni biyyattii heera amma jirurraa maal argatan?

Obbo Eeliyaas: Tokkoffaa mirga ofiin of bulchuu goonfachiiseera. Kana jechuun mootummoonni naannolee karaa itti hundaa'an argataniiru. Akka biyyaatti ammoo biyya waliin bulchan, achi keessattis hirmaanaan isaanii karaa manneen maree bakke bu'oota ummataafi federeeshiniitiin ifatti kan beekamuu qabu. Aangoo mootummaa keessattis, ramaddii bajataa, bu'uuraalee misoomaafi kkf keessatti walqixa fayyadamaa jiru.

Lammaffaan, mirga carraa misoomaa hundaaf qixa kenna. Kana jechuun naannoleen akkaataa caaseffamasaaniitiin carraa argataniiru jechuudha. Haala kanaan dura tureen naannoleefi magaalonna carraan karaawwan addaddaatiin misoomu kennameef eenyufaa akka turan ni beekama.

Inni kaan dagatamee rakkoofi gadadoo keessa yoo jiraatu garri kaan waan fooyya'aa qaba. Inni biraan mirga afaan, aadaafi duudhaa sabaafi sablammootaaf beekamtii kan kenneedha. Biyya kana keessa saboonni sablammoonni beekamtii argatan 80 oltu jiru. Akkasumas walqixxummaan amantiis mirkanaa'ee amantiileen biyyattii keessa jiran beekamtii argataniiru.

Gama biraatiin mirgi walqixxummaa koorniyaa duraan maqumaaf (siyaasumaaf) ture qabatamaan mirkanaa'eera. Kanatti dabalunis da'imman, miidhamtoonni qaamaafi qaamoleen hawaasaa hundi mirga addunyaarratti mirkanaa'e gonfataniiru. Kanaan yeroo jalqabaatiif sirni federaalizimii akka ijaaramuuf bu'uura guddaa ta'eera.

Bariisaa: Erga bu'aaleen eeraman argamaniiru ta'ee, guyyaa sabootaafi sablammootaa kabajuun maaliif barbaachise?

Obbo Eeliyaas: Guyyaa ummattoonni biyyattii wanjoo garbummaa, sirna gita bittaafi cunqursaa abbaa irree irraa ittiin hiikaman yaadachuuf kabajama. Kana warra keessa turetu hubata. Biyyi kun mana hidhaa sabaafi sablammootaa jedhamtee beekamti turte.

Akkasumas guyyaa heera tokko jalatti buluuf waadaan itti seename yaadachuuf kabajama. Guyyaa birmadummaan sabootaafi sabalammootaa itti mirkanaa'e, misooma biyyattii yoomiyyuu caalaa saffisiisuuf waadaan itti haareffamu, kan saboonni mirgoota namummaafi dimokraasii itti gonfatan, tokkummaafi obbolummaan itti



Qabsoo qarreefi
qeerroo
keenyaan akkasumas
kan sabootaafi
sablammootaatiin humni
jijjiiramaa ADWUI
keessaa biqile har'a
haala adda ta'een utuu
waraanni ykn warraaqsi
hingaggeeffamiin
riifoormiidhaan biyya
jijjiiramatti fideera

agarsiifamu, nageenyi ittiin waareffamu, gochootaafi aggaammiiwwan heericharratti aggaamaman itti balaaleffachuufi sababoota birootiif kabajama.

Bariisaa: Guyyaa kun yommuu waggoota 17n darbaniif kabajamu dirreetti ba'anii aadaadhuma mul'isanii galuutiin ture.

Kan baramaa maaltu adda taasisa?

Obbo Eeliyaas: Barana ayyaana galma keessaafi dirreerratti kabajani galuu keessaa ba'uun hojiilee misoomaa addaddaa hojjechuun, kanneen karoorfamani hojjetamaa jiran daawwachuuf hojiilee tola ooltummaa garagaraatiin kabajama. Bu'aalee guyyaan kun kabajamuusaatiin argamanis akka galteetti fudhachuun caalaatti miidhagee kabajama.

Haala kanaan Oromiyaatti baatii Sadaasaa jalqabarraa eegalee labsiiwwan humna waloo akka naannooti labsaman hojiirra oolchuun, hojiilee misoomaa bakkeewwan addaddatti hojjetaman daawwachuu, hordoffii taasisuuniifi sochiilee garagaraatiin kabajamaa tureera.

Sadarkaa Oromiyaatti Sadaasa 26 bara 2016 magaalaa haaraa hundoofte, Maayaatti bifa miidhagina qabuun kabajameera. Akka federaalittis har'a mataduree "Heddumminniifi walqixxummaan tokkummaa biyyaaleessaaf" jedhuun Jigigaatti kan kabajamu yoo ta'u, jilli Oromiyaas ayyaanicharratti hirmaataa jira.

Bariisaa: Sirni federaalizimii kun haala jedhameen hojiirra ooleera jechuu dandeenyaa?

Obbo Eeliyaas: ADWUIn olaantummaa TPLFn durfamaa ture federaalizimii dhugaa hojiirra oolchuu waan hinbarbaanneef ammas rakkoon sabootaafi sabalammootaa furmaata guutuu argachuu hindandeenye. Sababa kanaan naannoleefi naannolee gidduutti, akkasumas, sabootaafi saboota gidduutti walshakkiifi walitti bu'iinsi uumamaa dhufe. Hama namoonni kumaatamaan lakkaa'aman buqqa'aniifi miidhaan addaddaa irra ga'utti qaqqabee ture. Kunis hanga jijjiirama bara 2010tti ittifufe.

Gochi kunis jabaatee hanga sadarkaa biyya diiguutti kan qaqqabsiisee ture ta'uun ni yaadatama. Qabsoo qarreefi qeerro keenyaan akkasumas kan sabootaafi sablammootaatiin humni jijjiiramaa ADWUI

keessaa biqile har'a haala adda ta'een utuu waraanni ykn warraaqsi hingaggeeffamiin riifoormiidhaan biyya jijjiiramatti fideera. Bara jijjiiramaa kanattis hojiileen araara buusuu, hidhamtoota siyaasaa hiikuu, biyya hambaa kan turan biyyatti deebisuu hojjetamaniiru. Kanaanis falaasamni Ida'amu, daandii badhaadhinaa ministira muummichaatiin kan itti bocameedha.

Akkasumas, riifoormiiwwan dinagdee, raayyaa ittisa biyyaa cimaa ijaaruun, hojiilee hawaas-dinagdee biroo hojjechuun bal'inaan raawwatamaniiru. Cabiinsi dinagdee, haqaa, bu'uuraalee misoomaa, hariiroo biyya alaa, alergiifi kkf irratti mul'atanii turanis fooyya'iinsa olaanaa argamsiisaniiru.

Kanneen malees paartiin hunda hammataa ta'e, Badhaadhinni hundaa'uun olaantummaa paartiilee afurii ADWUI keessa ture hambisuun kanneen qaamolee deggaraa turaniifi sagalee guutuu hinqabne hunda ofitti dabaluu bakka bu'ummaa guutuu kenneeraaf. Imaammatawwaniif labsiiwwan addaddaa kana dura hidhaa turanis akka fooyya'an taasifameera.

Bariisaa: Sirni federaalizimii biyya kanaaf bu'aa akkamii buuse?

Obbo Eeliyaas: Yeroo baay'ee federaalizimii akka waan rakkoo ta'etti kan kaasan nijiru. Ciccituu, fofottoquufi gargar ba'uutu bu'aa fidamoo, walitti dhufanii tokko ta'uutu bu'aa qaba isa jedhu ilaaluun ni danda'ama. Kana seenaa as dhuftee dhala namaarraa kaasnee ilaalu dandeenya. Akkasumas, biyyoonni addunyaa maqaa garagaraatiin walitti dhufanii hojiisaan hojjetan fudhachuun ni danda'ama. Kanaaf walitti dhufuun tokkummaa, walqixxummaafi jaalalaan taanaan faayidaa olaanaa qaba.

Fakkeenyaaf humna cimaa misoomaa ittifufiinsa qabuu fiduuf waliin misoomuuf murteessaa ta'a. Gabaa guddaa argachuun addunyaarratti dorgomuuf, dippilomaasii cimaa qabaachuuf, Raayyaa Ittisa Biyyaa cimaa tokko waliin qabaachuuf, tokkummaa cimaa horachuuf, addunyaarratti dhageettii qabaachuuf tokkorra lama sadii ta'anii federaalizimiin ijaaramuun bu'aa qaba jechuudha.

Bariisaa: Mee duubatti isin deebisee, yommuu rakkoon nageenyaa daran hammaataa turetti bulchaa Godina Wallagga Lixaa turtan. Haala sana akkamiin yaadattu? Kan hojjechuuf yaaddanoo akka barbaaddanitti hojjetaniittuu?

Obbo Eeliyaas: Yeroon sun yeroo daran ulfaataa ture. Yommuu kana jennu jijjiirama keessa qormaanni akka jiraatu inuma eegama. Waa hundi akka duraa qajeelaadhuma ta'ee hindeemu. Haala kana hoggansa naannawa sana turan waliin akka sirreessinuuf namoota baay'etu achitti ergamee ture. Sadarkaa namni waan qabee gadhiisu wallaaletti ture kan deemne. Haalli siyaasaa tures humni hidhatee biyya ambaa tures waamicha nagaa taasifameef dhiisee gara bosonaatti seenee, qaamoleen siyaasaa muraasni mufatanis akka nageenyi hinjiraanneef yeroo itti socho'an ture.

KEESSUMMAA BARIISAA

Guyyaan sabootaa baranaa agarsiisa dirreerra...

Hawaasni naannawaa sanaa sagalee dhukaasaa olaanaafi humna akkanaa hidhatee tarree qabatee deemu argee hinbeeku. Amantiifi duudhaanumti inni ittiin jiraatu bakka olaanaa qaba. qotachuu, daldalachuu, ijoolleesaa barsiifachuufi waaqeffachuu beeka. Kun immoo hawaasas hoggansa birattis burjaajii uume. Mootummaan haalli kun nagaadhaan akka xumuramuuf adeemsa dheeraa deema ture.

Murnichi garuu kanatti fayyadamuun hanga humna mootummaa laamsheessuufi caasaa aanaa diiguutti qaqqabe. Qaamolee hawaasaa garagaraa keessa namoonni humna kanaaf neetworkii ta'anii tajaajilan turaniiru. Aanaarra darbee godinnis gaaffii keessa galee ture.

Rakkoo walxaxaa kana caasaa aanaa addaddaarra godinicha keessa jiru, hawaasa bal'aafi caasaa nageenyaa qabachuun tasgabbeessuuf yaalii olaanaatu taasifamee bu'aanis argameera. Kun egaa dhimma nageenyaa waan ta'eef waan amma hinturretii amma jira. Siyaasa waan ta'eefis guyyaatti waan jijjiiramaa ooluutu jira. Kanaaf rakkoo hammaataa sana dandamannee hanga filannoo bara 2014tti hojii hojjenneerra.

Dhukaasa, daandii cufuu, nama ajjeesuu, nama butuu, saamamuu, akka garaasaa ba'ee galuufi qotachuu dhadhabuuniifi wantoota garagaraarraa kan ka'e ummanni abdi kutannaa guddaa keessa seenee ture. Sababa kanaan dinagdeen naannawichaallee garmalee laafeera.

Naannawichi omisha bunaan kan beekamu ta'us gabaaf dhiheessuun hindanda'amne. Nan yaadadha bara 2012 bunnii godinaalee Wallagga Lixaafi Qeellam Wallaggaatti omishame %10 illee gabaaf hindhihaanne.

Kana malees namni giddugaleessarra jiru gadi bu'ee maatiifi firasaa gaafachuuf, du'aga'ii namaa dhaquufi gammachuu walii hirmaachuuf deemuun hin yaadamu. Namni dhukkubsatee Finfinneetti riifariin barreeffameef dhufee yaalamuun rakkisaadha. Sababoota garagaraatiin kan beellama qabus bakka dhimmisaa deemu hindanda'u.

Rakkoon nageenyaa kun waan si'a tokkotti furamu miti. Amma haalli fooyya'aa jiraatus guutummaatti hiikameera jechuun hindanda'amu. Ammallee hojiin hojjetamaa jiru jira. Namnis kan isa fayyaduufi hinfayyadne adda baasee baraa jira. Ummata keessa taa'ee ijjisaa gama sana kan ilaalu ammallee ni jira. Kunneen hundi jala jalaan qulqulla'aa dhufaa waan jiruuf ummanni gara nagaatti ni dhufa abdi jedhuun qaba.

Bariisaa: Isin bakka bu'aa hawaasa naannawichaa waan taataniif ammawoo erga Caffee seentanii deggarsiifi hordoffiin taasistan akkamiin ibsama?

Obbo Eeliyaas: Ammas taanaan hojicha keessaa harka fudhanne jechuu miti. Asis ta'amee hojiin hojjetamu hojiidhuma ummataati. Rakkoon nageenyaa akka yeroo sana godinaa muraasa keessatti kan daanga'e miti. Rakkoonsaa babal'atee hamma giddugaleessaatti haala itti dhufetu jira. Bakkeewwan muraasatti rakkoon haa jiraatu malee garri bahaa (Harargee, Baaleefi gartokkee Arsii) kun duras miidhama guddaa dhimma kanaan waan qabaniif kana

fudhatamu kan taasisu Caffeedha. Kanaaf qaama raawwachiisaa keenya wajjin ta'uun hojii bal'aadha kan hojjetamu.

Akkasumas Caffee jalatti koreewwan dhaabbii shan seektaroonni hundi keessatti hammataman ni jiru. Isaanis waggaa karoora qabatani hojiin hojjetan ni jira. Qorannoon hojiis kurmaana kurmaanaan ni adeemsifama. Darbees hojiileen karoofaman qabatamaan godinaafi aanaarratti akkamiin raawwatamaa akka jiran gadi bu'amee ni ilaalama.

Bariisaa: Yeroo baay'ee gaafa gara godinaalee rakkoo nageenyaa qaban deemtanii pirojektota daawwataniifi eebbisistan ni mul'ata. Rakkoon nageenyaa har'arra sadarkaa maaliirra jira jechuu dandeenya? Godinaaleen rakkoo nageenyaaf saaxilaman beela, weerara busaafi rakkoolee addaddaafis saaxilamuurraa kan ka'e namoonni abdi kutannaa keessa seenan jiru. Kana akkamiin ibsitu?

Obbo Eeliyaas: Saayinsiidhumasaa yoo ilaalle jijjiirama keessa waan guddatu jira. Dura waan hintuqamne, waan ititee taa'u, waan samee tortoretu ture jettee fudhachuu dandeenya. Inni kun gaafa tuqamu ni boora'e. Yommuu boora'ummoo deebi'ee calalamuu qaba. Jijjiiramni adeemsisaa bal'aadha. Kana sirreessanii iddootti deebisuun ammoo yeroo fudhata.

Kana keessatti kan hubatu jira; kan hinhubannes ni jira. Kan faallaakee dhaabatus ni jira. Ummanni keessa jirummuu harki caalu ummata baratee, qarooma, addunyaa waliin walargu, miidiyaa addaddaa dhaggeeffatu, miidiyaan hawaasaa maal akka odeeffannoo bal'aa argate hubatu muraasa. Haalota kanneen keessatti egaa jijjiirama kana kan barbaanne.

Amma kan jirru kana keessa jechuudha. Namnis hubachuu kan qabu kana. Jijjiiramni waan bu'aa ba'ii hedduu qabu malee waa hundi karaa qajeelaa namaa deemu miti. Akkanatti hubachuun hojii hojjetamuu malu hojjechuutu barbaachisa.

Jijjiirama yaadame sana kan dheereessuus kan gabaabsuus kanuma. Kana keessatti gaheen gaggeessaa ammoo isa olaanaadha. Isa kanaaf hojii waggoota 27 ol federaalizimii jedhamee hojjetamaa tureefi, amma waggoota afur shan keessatti waan hojjetame ilaaluun ni danda'ama.

Bariisaa: Inni biraan wayita ammaa mootummaan xiyyeeffannaa itti kennee hubannaa ummataa gabbisaa jiru waa'ee seenessa walooti. Kanarrattis isinis miseensa Mana Maree Federeeshinii waan taataniif maaltu hojjetamaa akka jiru ni beektuuti, mee dubbisoota keenyaaf ibsaa. Seeneessi waloo kun tokkommaa ummataarratti dhiibbaa hinuumuu?

Obbo Eeliyaas: Inni kun fagoodhumatti sodaachuurraa kan madde malee waan qabatamaa natti hinfakkaatu. Wantoonni kana dura taasifamaa turaniifi amma qorannoo gadi fagoodhaan jijjiiramuu qaban baay'eetu jiru.

Fakkeenyaaf duraan bajanni naannolee waraanaan miidhamaniif jedhamee garam deema akka ture ni beekama. Bakkawwan tokko tokkotti ammoo daandii ijaaruun akka waan diinaaf kophee bituutti ilaalamee

bakkeewwan hachuucamaa turan ni jiru. Kana malees saboonni jiraachuudhumtisaaniillee hinbeekamne turaniiru.

Amma kunniin hundi jijjiiramani, bajanni ulaagaan qophaa'ee ramadama. Saboonniifi sabalammoonnis mana maree federeeshinii keessatti barcuma maluuf argataniiru. Gaaffilee addaddaa naannoleen kaasanis karaa heerri eeyyamuun deebii argataa jiru. Kana boodas gaaffileen daangaa, of danda'uufi kanneen birootiin walqabatan ka'an bu'uuruma kanaan deebii argataa deemu.

Seeneessa walootiin walqabatees kanneen tokko nu taasisan irratti tokko taanee, addaddummaarratti ammoo naannootti deebinee ittiin hojjechuu dandeenya. Inni kun ammoo Sirna Gadaa Oromoof haaraa miti. Saboonniifi sabalamoota biyya kana keessaa %90 kan ta'an Oromiyaa keessa ni jiru. Kanaaf walwajjin jiraachuu duruma itti beekna, kana caalaatti gabbisnee ittiin deemuuf malee miidhaa biraa hinqabu.

Bariisaa: Dhumarratti, biyyi kun nageenyishee mirkanaa'ee, badhaadhina hawwame bira akka geessuuf eenyurraa maaltu eegama?

Obbo Eeliyaas: Hunda dura, nageenyi waa hundaaf bu'uura. Hojiileen eegalamani bu'aan itti argamaa jiraniifi abdi namatti horan ni jiru. Kana keessatti immoo qormaatiwwan garagaraa inuma jiraatu.

Fakkeenyaaf yoo fudhanne qaala'inni jireenyaa amma jiru rakkisaa ta'eera. Kun akka biyya keenyaatti qofa osoo hintaane akkuma addunyaattuu qormaata guddaa ta'eera. Sababoonnisaa haala keessoo keenyaafi haala biyyoolessaati. Kana hiikuuf hojjetamaa jiraatullee waa hundi milkaa'ee rakkoon hiikkachuu kan danda'u yoo karaa tasgabbi qabuun hojjetamedha.

Kanaaf gara nagaatti dhufuuf qaamolee fedhiwwan addaddaa qaban gartokkotti fiduun, kan kootu caalaa osoo hintaane wal dhaga'uudhaan hojjechuu barbaachisa. Hunduu nageenyaaf dursa kennee hojjechuu qaba. Inni biraan olaantummaa seeraa kabachiisuudha. Kana jechuun isa waraana gaggeessaa jiru qofa jechuu miti. Biyya kana keessa malaammaltummaa hamaatu jira. Kanas sirriitti ilaaluutu nurra jira. Dhaabbileen kanarratti hojjetan cimuu fi ijaaramuu qabu.

Darbees karoora yeoo gabaabaa, dheeraafi giddugaleessaa jedhee mootummaan qopheeffatee itti deema jiru milkeessuuf hunduu tumsuu qaba. Keessumaa akka Oromiyaatti rakkoo keessa jirru ilaalcha keessa galchuun haala addaan karoora xiiqqi jennee qabanne hojitti hiikuuf dachaa hojjechuu qabna. Yoo ta'uu baate lakkoofsa ummataa dabalaa jiru, haala addunyaafi qilleensa naannawaa jijjiiramaa jiruufi wantoota biroo waliin ta'ee rakkoo keessaa ba'uun rakkisaa ta'aa deema.

Akkasumas, mariin biyyaaleessaa akka biyyaatti adeemsifamuuf yaadame akka milkaa'uuf hunduu gumaacha taasisuu qaba. Rakkoo jiru mariidhaan furuun baratamuu qaba. Waan irratti waliigalamuu qaburratti waliigaluun dirqama. Dhimma biyyaarratti garuu qoosaan jiraachuu hinqabu. Kanammoo warri har'a jiru xumuree keessaa ba'a jechuu osoo hintaane dhaloota dhufuuf bu'uura ka'aa deemu barbaachisa.

Waan irratti waliigalamuu qaburratti waliigaluun dirqama. Dhimma biyyaarratti garuu qoosaan jiraachuu hinqabu

ofitti hinhiqsine.

Kana deggaruun egaa waan dirqama keenya ta'eef rakkoon kun akka hiikkatuuf akka hoggansaattis hojii guddaa hojjenna. Kilaastarrattis hanga godinaatti ramadamuun hojiin gadi buunee hojjennu ni jira. Hanga danda'ametti karaa nagaan, ilaafi ilaamee, akkasumas araaraan xumuraamee Oromoon gar tokkotti akka dhufuuf hojiin hojjetamu jira. Bakka barbaachisaa ta'etti ammoo olaantummaan seeraa akka kabajamu taasifamaa jira.

Hojii nageenyaa qofa osoo hintaane, hojiilee misoomaas bal'inaan hojjetamaa jiru. Kana keessattis ogummaan qabuun seektaroota kanneen akka qonnaa waliin ta'uun hojiilee hojjetaman keessatti deggarsa yeroon itti kennu ni jira.

Akka Caffeettis ammoo karoora mirkaneessuu, gabaasa hojii kan qoratu, duubdeebii kan kennuufi bakka barbaachisaa ta'etti tarkaanfiin akka

AADAIFI AARTII

“Kabajamuun guyyaa sabootaa bu’aa qaabsoo hadhaa’aa miidhaginni waloo itti calaqqisuudha”

- Jaal Qajeelaa Mardaasaa

Waasihun Takileetiin

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammiileen 83 ol amantaa, afaan, aadaa, eenyummaa, duudhaafi safuuwwan gara garaa qaban waldandahanii tokkummaafi obbolummaan keessa jiraataan yoo taatu, finxaaleyyii ilaalcha dukkanaadhaan oofamaniif immoo biyya olantummaa saba tokkoo, afaan tokkoo, aadaa tokkoo taasisuuf yeroo munaagan mul’atu.

Munaagni ana malee Itoophiyaan nidiiganti jedhu kan laga nama hinceessisne, tokkummaafi obbolummaa sabootaafi sablammootaa kan diigu waan ta’eef jaarraa amma keessa jirutti sabaafi sablammii biratti fudhatama kan qabu miti.

Sirni sirna nyaatee ijaarsi fedreraalizimii sabdaneessaa guyyaa lafa qabatee kaasee bu’uura heeraan guyyaan sabaafi sabalammii waggaa waggaa kabajamaa kan jiru yoo ta’u, kabajamuun guyyichaa aadaa duudhaa, afaaniifi eenyummaa sabaafi sablammii jaarraa tokkoofi walakkaa oliif awwaalamee ture gadi baasuun miidhagina ta’uu agarsiisaa jira jedhu Ministirri Aadaafi Ispoortii Jaal Qajeelaa Mardaasaa.

Kabaja guyyaa sabaafi sablammoota Itoophiyaa marsaa 18ffaa naannoo Somaalee, Magaalaa Jijjigaatti mataduree, “Heddummini walqixxummaa tokkummaa biyyalessatiif” jedhuun kabajamu sababeeffachuun Gaazexaa Bariisaa waliin turtii kan taasisan ministirichi, guyyichi bu’aa qabsaa’onna ilmaan sabaafi sablammii bilisummaafi walqixxummaasaanii itti mirkaneeffatan waan ta’eef waggaa waggaa sirna ho’aadhaan kabajama jedhu.

Sirnoonni darban olaantummaa murna tokkoo afaan tokkoo amantaa tokkoo jedhu qabachuun cunqursaa hadhaa’aa ta’e sabaafi sablammiierratti fe’uun heddummina miidhagina ta’e ukkaamsaa turaniiru jedhu.

Haata’uutii ilmaan sabaafi sablammii Itoophiyaa olaantummaa saba tokkoo, aadaa, afaan, eenyummaa amantaa tokkoofi gurra hinqabnu ejjennoo jedhuun qabsoofi wareegama hadhaa’aa taasisuun walqixxummaafi obbolummaan akka lafa qabatu taasisaniiru.

Kanarraa kan ka’e waggaa waggaa guyyaan sabaafi sablammii naannooleerra



Suurri fuula fb Ministeera Aadaafi Ispoortirraa



naanna’uun kabajamaa kan jiru yoo ta’u, keessumaa sirna mootummaa jijjiiramaa kana keessa hanga caasaa gadiitti akka kabajamu taasifamu Jaal Qajeelaan nikaasu.

Ukkaamsaan aadaa, eenyummaa afaan, amantaafi duudhaa sabaafi sablammiierratti qaqqabaa ture biyyattiin siyaasaan, dinagdeedhaan, akkasumas hawaasummaadhaan fuulduratti akka hintarkaanfanne taasisuura darbee duudhaa hawwata tuurizimiifi madda galii ta’uu danda’u gatii dhabsiisee ture jedhu.

Hata’uutii kabajamuun guyyaa sabaafi sablammii hanga caasaa gadiitti gaggeeffamuun duudhaan eenyumman uffatawwan aadaa, walleen akaakuuwwan shubbisaa hawwata tuuristiifi madda galii ta’uu danda’an gadi bahanii mul’achaa

jiraachuus eeran.

Walleen, aartiin, uffanni aadaa, sirnoonniifi aadaaleen ilmaan sabaafi sablammii har’a gadi bahanii haalaan mul’achuun qalbii Itoophiyaanotaafi addunyaa hawwachuura darbanii madda galii ta’aa jiru. Kun simboo Itoophiyummaa isa sirriidha jedhu ministirichi.

Sabaafi sablammiiin kaleessa walhinbeekne walitti deemee walbaraa jira. Seenaasaa walbarsiisaa jira. Itoophiyaan biyya tokkummaa dhaloota darbaaniin ijaaramaa as geesseedha malee kan sabni tokko ijaare akka hintaane agarsiisaa jira jechuunis ibsan.

Walqixxummaan akkuma kan ofii jaalatan kan warra kaaniis kankooti jedhanii fudhachuudha. Kunimmoo guyyaa heerri Itoophiyaa ittiragga’erraa kaasee hojiirra

oolaa jira jedhanii, ilmaan sabaafi sablammiiif bu’aa wareegamaafi qabsoo hadhaa’aan galmaa’e waan ta’eef waggaa waggaa si’ayinaan kabajamaa jiraachuu ibsu.

Guyyichi guyyaa seenaqabeessa, olaantummaan seeraa itti kabajamuu eegale waan ta’eef ilmaan sabaafi sablammii Itoophiyaa keessa jiraniif adda ta’uun tajaajilaa jira.

Guyyaan sabaafi sablammii kabajuu qofti walqixxummaa aadaa, duudhaa eenyummaa, afaan artii lafa qabsiisa jechuun gahaa miti kan jedhan Jaal Qajeelaan, waldanda’uun walkabajuufi obbolummaa dhugaan jiraachuun dirqama ta’uu eeru.

Bu’uuruma heeraatiin ilaalchi saba xiqqaa saba guddaa jedhamu hafee hunduu adaasaa, duudhaasaa eenyummaasaa gadi bahee akka agarsiifatu ta’aa kan jiru yoo ta’u, taateen kun tokkummaa Itoophiyaa qabatamaan mirkaneessuu keessatti bakka guddaa qaba jedhu.

Kabajamuun guyyichaa tokkummaa cimsaa kan deemu malee kan bittinsu akka hintaanee beekamaadha. kanaafs sababni mirga walqixxummaa sabootaa kabachiisuun addababa’iitti bahanii garaagarummaasaanii miidhagina ta’uu agarsiisuun Itoophiyummaa dhugaa golgaa waaroo uffatee dhokatee ture gadi baasuun miidhagina ta’uu kan agarsiiseedha jedhan.

Har’a golgaa waaroo Itoophiyummaan Itoophiyaa aadaa, afaaniifi duudhaa tokkoo ijaarra jedhanii yaaduun fagoo kan nama

Gara fuula 15tti

Ayyaanni lida Shawwalaa hambaa addunyaa ta’ee galmaa’e

Harar: Kabajni Ayyaana lida Shawwalaa Dhaabbata Barnootaa, Saayinsii Aadaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (‘UNESCO’)n hambaa aadaa kiliyaa (hinqaqqabamne) ta’ee galmaa’e.

Kanaanis ayyaanni lida Shawwalaa biyyi keenya hambaa Dhaabbata Saayinsii, Barnootaafi Aadaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii/‘UNESCO’n hambaa hinqabamne jedhamuun galmaa’e shanaffaa ni taasisa.

Duudhaalee hawaasummaa mul’ataa biyya keenyaa keessaa tokko ayyaanni lida Shawwalaa hambaa addunyaa ta’ee galmaa’uunsaa, biyyattiin sadarkaa addunyaatti dhangala’iinsi turistiishee dabaluu qofa osoo hintaane, maqaa gaarii biyya teenya, Itoophiyaa ijaaru keessatti bu’aa olaanaa qaba.

Iidni Shawwalaa akka hambaa addunyaatti galmaa’uun isaa giddugalummaa turizimii naannichaa kan guddisu qofa otoo hintaane



gama damichaatiin faayyadamummaa taasisa jechuun Waajjirri Kominikeeshinii ummataa guddisuun gumaacha olaanaa Naannoo Hararii gabaaseera.

Qarreefi Qeerroo

Leencoo Fiqruu: Dargaggeessa jabaan suursagaleewwan muuziqaa Afaan Oromoo duubaan jiru

Saamraawit Girmaatiin

Muuziqaawwan Afaan Oromoo dhiheenya ba'an walaloofi yadalaan, meeshaan muuziqaafi qulqullinni suursagaleesaniin daran dinqisiifamuufi indastirii muuziqaan Oromoo sadarkaa tokko fuulduratti tarkaanfachiisan ta'aa dhufuun walnama hingaafachiisu. Keessumaa ergaan sirboota keessa jiru sammuu namaa keessatti fakkii hiika qabu kennuun jaalatamaafi dagatamaa akka hintaaneeff suursagaleen (viidiyoon) isaa bakka guddaa kan qabu ta'uu ogeessoni muuziqaan waan hubatan fakkaata.

Sirboota as dhihoo keessaa kan Artisti Yoosan Gammachuu 'Baala Gizee, Bulloo', kan Hirphaa Gaanfuuree 'Marmaaree' kan Ittiiqaa Tafarii 'Oromummaa', kan Galaanaa Gaaromsaa 'Duraanuu', kan Guutuu Abarraa 'Deemi', kan Natsaannat Fiqruu 'Maaf Didda?', kan Addisuu Kabbadaa 'Sillee wayyaa', kan Daangaa Hayilayyasuus 'Shillimii', Kan Wandii Maak 'Shambaa Ramba', kan Heelan Barihee 'Darammasee' kan Margituu Warqinaa 'Obomoleetti', kan Leencoo Gammachuu 'Muquxxaayee' fi kanneen biroo yoo ilaalle sirboota yeroo gabaabaa keessatti jaalatamummaafi fudhatamummaa olaanaa argataniidha.

Cimina sirboota kanneen duuba ogeessoni baay'een yoo jiraatanillee argaa dhageettii namaatti akka tolan taasisuu keessatti garuu akkuma maqaasaa shooraa leencaa taphachaa kan jiru, daarektara muuziqaan dargaggeessa Leencoo Fiqruuti. Gaazexaan Bariisaas dargaggoo ganamaan kennaasaa hubatee aartii ummata Oromoo keessatti gaheesaa ba'ataa jiru kun Qarreefi Qeerroo muuxannoosaa akka qooduuf turtii gabaabaa waliin taasisetti.

Daarektari muuziqaan kun dhalatee kan guddate Godina Wallagga Bahaa, Magaalaa Naqamteetti yoo ta'u, barnootasaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 11faa-10ffaatti Mana Barumsaa Daaloo, kutaa 11faa-12ffaatti ammoo Mana Barumsaa Qophaa'ina Magaalaa Naqamteetti barate. Barnoota sadarkaa olaanaas Yunivarsiitii Wallaggaatti akaakuu Barnootaa 'Theatrical Art'dhaan xumure.

Akka inni jedhutti, hojii muuziqaatti kan seene barataa yunivarsiitii waggaa sadaffaa osoo jiruu yoo ta'u, hojiinsaa jalqabaa kan Artisti Leencoo Gammachuu 'Muquxxaayee' ta'uu yaadata. Jaalatamummaafi fudhatamummaa muuziqaan sun argateen addunyaa daarektarummaatti dhufuu hima.

Carraa kanas kan argate duruma yeroo sadarkaa tokkoffaa baraturraa kaasee gumii miinii miidiyaa manneen barnootaa keessatti hirmaataa turuu ibsee, keessumaa viidiyoo ilaaluu daran akka jaalatuufi waan hanqate keessaa funaanuun utuu akkas ta'ee jedhee yaada akka kennu kaasa.

Yaada kanas gaafa artistoota argu maaliif akkas hintaanee jedhee akka waliin haasa'uufi yaada kennu eeree, adeemsa keessa ijoollee naannawa tokkoos waan ta'aniif iyyaafannaadhaan Artisti Leencoo waliin walarguu dubbata. Yeroo sana Leencoon muuziqaasaa jalqabaa 'Dibaabee' jedhu sagaleedhaan ummata biraan ga'ee,



'Muquxxaayee' hojjechuuf yeroo qophii xumuretti ta'uu hima. Yaada inni kennu hubachuunis Leencoon sirbasaa akka daayireekti godhuuf carraa kennuufii dubbata.

"Daarektarummaa jechuun namoota baay'ee ifa miti. Jechichis yeroodhuma dhihoo as baramaa dhufe malee hinbeekamu ture. Namni baay'een muuziqaan tokko namuma suursagaleesaa waraabe sanatu hojjeta se'a. Daarektara jechuun abbaa viidiyoo ykn fakkii muuziqaan tokkooti.

Waan namni barreessesse sirbu tokkotti lubbuu itti horuu jechuudha. Hojiin kunis qajeelchuu qofa osoo hintaanee ittigaafatamummaa, of kennuu, gaggeessuu, yeroo kabajuu, qindeessuufi kalaqa addaa qabaachuu barbaachisa. Yoo kana ta'e namni tokko daarektara milkaa'aa jedhamuu danda'a" jedha.

Hojiin gara daarektaraatti kan dhufu haalota lamaan ta'uu kan himu Leencoon, inni tokko muuziqaadhuma qofa fidee kan dhufu yoo ta'u, kaan immoo yaadawwan suursagalee itti dabalammu qaban adda baasee fidee akka dhufu hima. Inni garuu akka daarektara tokkooti osoo muuziqichi hinhojjetamiin dursanii akka isa qunnaman akka barbaadu hima. Muuziqichi yommuu istuudiyoo jirurraa kaasee qajeelchuun hojii bareedaa hojjechuuf akka nama gargaaru ibsa.

Hojiin kun qajeelchuudha yommuu jedhamu, wayyaa uffatamu, bakka, haalaafi yeroo itti waraabamu, namoota keessatti hirmaatan, gochaa keessatti taasifamuufi kkf illee

namaa ogummicharraa dhibuu, birokraasiifi kkfn qorumsawwan ijoodha. Keessumaa hojichi teknoloji daran ammayyaawaa qulqullina suursagalee mirkaneessuu fayyadamuu waan barbaachisuuf aarsaa olaanaa kanfalchiisaanii jiru. Viidiyoowwan hanga yoonaa waraabamanis kiraadhaan qarshii olaanaa itti baasuuni.

"Meeshaaleen hojichaaf barbaachisan qaaliidha. Artistoonni keenya ammoo hangas mara dinagdeedhaan cimaniin kanfaltii gaarii sii kanfalani meeshicha hinbitattu. Kanarratti waan baay'ee gara abbootii qabeenyaa keenyatti geessuu hinbarbaadu. Garuu kanfaltiin ashuuraa meeshaalee hojii kana hojjechuuf alaa ittiin galchitu gatii meeshichaa ni caala. Kun akka furamuufis waldaaleen artistootaa yeroo addaddaa gaafataa jiru. Mootummaanis dhimma kana ilaalcha keessa galchee osoo sirreessee inni deeggarsa tokko" jedha.

Hojiin damee kanaan hojjetamaa jiru kun hojii sinsinnii ta'ee akka hinhafneef fedha qabaachuu kan himu Leencoon, qulqullinni suursagalee amma jiru osoo sadarkaansaa gadi hinbu'ii dhaloonni jalaa dhufu akka ittifufsiisuuf fuulduratti xiyyeeffatee irratti hojjechuuf yaada akka qabu kaasa.

Gama biraatiin Leencoon Akkaadaamiin Taatummaa Abbaa Lataa dhiheenya baname akka banamuuf yaada maddisiisuurraa kaasee hamma akkaadamicha hundessuu, hogganuufi taatota leenjisuutti hirmaataa jira. Yeroosaa baay'ees dhimma kanaaf kennee hojjetaa jiraachuu eeree, kunis fiilmiifi tiyaatira Oromoorratti xiyyeeffachuun kan hojjetu ta'uu hima.

Akkaadaamii kana hundessuuf kan isa kakaases, hubannoofi beekumsa damee kanaan horaterra ka'uun rakkoon ijoo damichaa taatummaa ta'uu ibsee, kana furuufis mana barnootaa ogummaa kana barana Finfinnee, naannawa Daalattii (Araa Kiilootti) banuu hima. Akkaadaamichis taatota ji'a ja'aaf kan leenjisu ta'uufi sadarkaa sadarkaadhaanis dorgomsiisaa kan deemu ta'uu kaasee, dhumarrattis taatoo jaboo ta'ani ba'aniif carraa namoota muuxannoo qaban waliin walitti fiduun fiilmii sadarkaasaa eeggate waraabuuf karoorsuu ibsa.

Wayita ammaa leenjitoota marsaa tokkoffaa fudhachuun ji'a lammaffaaf leenjisa jiraachuu kan himu dargaggoon kun, jalqaba namni bakkuma jiruu waan ka'uuf malee fuulduratti keessumaa kan Finfinneetti eegale kun firii gaarii kan argamsiisu yoo ta'e ijoolleen kennaa taatummaa qabaatanii fageenyarra jiran carraa akka argataniif akkaadamicha babal'isaa deemuuf karoora qabaachuu hima.

Akka waliigalaatti hojiiwwan egaletti yeroo gabaabaa keessatti milkaa'ina argachaa kan jiru Leencoon, hunda caalaa dargaggoonni of dhaggeeffachuu akka qaban gorsa. Dargaggoonni yoo waan keessisaanii jedhuun hojiirra oolchan mo'uu waan danda'aniif of dhaggeeffachuufi yaada keessasaanii raawwachu akka qaban dhaama.

Nutis keessumaa qarreefi qeerroon kennaa uumamaan Rabbi isaan badhaase ganamumaan hubatanii hojiitti hiikuuf carraa jiru yoo fayyadaman milkaa'uu waan danda'aniif kennnaasaniin adda baafachuu qabu jenna.



kan murteessu daarektara ta'uu dubbata. Viidiyoowwan waraabamanis qindeessuun kan filatu akkasumas hamma sirreeffamu (edit ta'uutti) kan hordofuufi abbummaasaa fudhatu ta'uu hima.

Sirboota daayireekti godhe kunneeniin artiistoonniifi inni badhaasawwan akkasumas beekamtiwwan garagaraa argachuu kan himu Leencoon, sirbooni Artisti Guutuu Abarraa Afrimaafi Odaa Awwaardi ittiin injifate, Yoosan Awwaardi Haacaaluurratti ittiin badhaafamuu eera.

Akka ibsasaatti, ogummaa daarektiingii keessatti kalaquma qaban baasanii ummata biraan ga'uuf rakkooleen bajataa, humni

Ilaamee...



Musliimotni Itoophiyaa keessa turan, gara Musliimota Itoophiyaatti seeraan guddatanii mootummaas galateeffatan

Bayyanaa Ibraahimiin

Akkuma yeroo wanni mormamuu qabu mormamaa turetti waan galateeffamuu qaburratti galateeffachuun abshaalummaafi haqummaadha.

Kan duraan Musliimota Itoophiyaa keessa jiraatu jedhamaa turetu Musliimoota Itoophiyaa akka ta'u labiidhaan mirkanaa'ee hawaasicha gammachiise.

Baankiin dhalarraa bilisaa kan baroota dheeraaf dhorkamee lafarra gangalataa turetu wareegamni ittikaffalamaa ture har'a hayyama argamsiisee hawaasa Musliimaa hunda gammachiise.

Hoggansi Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa ifaafi bilisaan akka filatamu taasifamuusaatiin seenaa haaraa biyyattiitti dalagameef hawaasni Musliimaa dheebuu abbaa biyyummaafi dhaabbata isa fakkaatu ofumasaatiif hundeeffatee mootummaa jijjiiramaa haala mijataa kana uume galateeffate.

Mataduree, "Boqonnaa ittaanu, jijjiirama walootiif" jedhuun tibbana sagantaan guddaan nageenyaafi galateeffannaa Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaatiin qophaa'ee Finfinneetti kan adeemsifame yemmuu ta'u, sagantichi nageenyi amansiisaan akka mirkanaa'uufi hojiiwwan gaggaarii hanga ammaa mootummaan hojjataa tureef beekamtiin kan irratti kennameedha.

Ummatni Itoophiyaa hundi osoo amantiifi sabummaadhaan gargar walhinqoodin nageenya biyyaatiif waliin hiriiruu akka qabu kan dubbatan Pirezidaantiin Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa Doktarri Kabajaa Sheek Hajjii Ibraahim Tufaa, gatiin nageenya qaalii akka taate hubatamee hunduu garaa garummaa tokko malee nageenya biyyaatiif waardiyyaa ta'ee akka dhaabatu hubachiisan.

Akka ibsasaaniitti; rakkoolleen nageenya yeroo ammaa kutaalee biyyattii adda addaatti mul'achaa jiran mootummaa qofaa osoo hin taane, hunda keenyaa kan yaachisaniidha. Karaa hoggansa abbootii amantiitiin qaamotni hidhatanii walfalmaa jiran hundi gara nageenyaatti akka dhufan waamicha ni dhiheessina.

Waraanarraa qaamni fayyadamu tokkollee akka hinjirre hubatamee mootummaan biyya bulchu ammoo yeroo hunda nageenyaaf qophaa'aa ta'uudhaan akkasumas gareewwan

hidhatanii bosona jiraniif waamicha nageenya taasisaa jiru cimsee ittifufuu qaba jedhan.

"Namni nama waan gaarii hojjate hingalatoomfanne Waaqas hingalateeffatu" kan jedhan Sheek Hajjiin, mootummaan jijjiiramaa Doktor Abiyyi Ahmadiin hogganamu gaaffilee hordoftoota amantii Musliimaatiif deebii kennaa jiruuf galateeffataniiru.

Galatni hawaasni Musliimaa Itoophiyaa mootummaa jijjiiramaa kanaaf galchaa jiru hojii hanga ammaatti hojjatameef malee gaaffiin Musliimaa hundi deebi'ee dhume akka hintaanee yaadachiisanii, gaaffiin hawaasni Musliimaa biyya tana keessatti kaasaa ture kan walirratti tuulame waan ta'eef yeroo gabaabaa kana keessatti hunda deebisuuf kan ulfaatu ta'uu ibsu.

Kanaafuu, baay'inaafi walirra tuulamiinsa gaaffiileetiin yemmuu ilaalamu kan hojjatame xiqqaa, kan hafu immoo guddaa ta'us, nama xiqqaas ta'u waan gaarii hojjateef galanni barbaachisaa waan ta'eef hoggansa mootummaa jijjiiramaa kanaaf galanni hawaasni Musliimaa guddaa ta'uu himu.

Yaa'iiwwan kana fakkaatan yeroo ittaananitti naannolee biyyattii hundatti kan adeemsifaman ta'uu kan ibsan Sheek Hajjiin, nageenyi hojii qaama tokkoon iddoo tokko qofatti hojjatamee dhufu osoo hintaane, kan qaamolee hundaan iddoowwan hundatti hojjatamee dhufu waan ta'eef sagantaaleen marii dhimma nageenya kun bal'inaan kan ittifufu ta'uu eeraniiru.

Manni Maree dhimmoota Islaamummaa haaraan qabsoo hadhaawaa hawaasni Musliimaa waggoota dheeraadhaaf taasiseen hundaa'ee gaaffiiwwan buleeyyii hawaasichi gaafataa ture dhawata dhawataan deebisuuf caasaasaa sadarkaalee hundatti diriirsee hojjachaa jiraachuu kan himan ammoo Pirezidaantiin Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Magaalaa Finfinnee Sheek Amaan Eebbaati.

Yeroo gabaabaa keessatti ijaarsi waajjira muummee mana maree dhimmoota Islaamummaa magaalichaa dabalatee ijaarsi mana maree dhimmoota Islaamaa sadarkaa kutaalee bulchiinsa magaalattii hundatti ijaaruufta haalduree xumuramuus ibsaniiru.

Hojiiwwan sadarkaa magaalattiitti hojjataman hundi deeggarsa bulchiinsa magaalattiitiin ala waan yaadamu akka hintaane yaadachiisanii, kantiibaana Magaalaa Finfinnee Aadee Adaanachi Abeebefi miseensonni



kaabineesaanii hundi hojii manni marichaa hojjachaa jiruuf deeggarsa barbaachisu taasisa waan jiraniif galanni guddaan kan maluuf ta'uu eeraniiru, galateeffataniiru.

Kantiibaana bulchiinsa magaalaa Finfinneefi kaabineesaanii magaalichatti ijaarsa masjiidota haaraa 16 ta'aniif iddoo ijaarsaa, kaartaa seeraqabeessaa kanneen hinqabneef immoo kaartaa seera qabeessaa, Masjiidota babal'ina barbaadaniiffis iddoo itti babal'atiinsaa haaraa akka kennamuuf gaaffiilee manni marichaa dhiheesse hundaaf deebii quufsaa kennuusaaniitiif kan galateeffatan immoo Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Magaalaa Finfinneetti Ittigaaftamaan Damee Dhaabbilee Uztaaz Mahaammad Abaateti.

Waggoota dheeraa seenaa biyya kanaa keessatti gaaffiin hawaasa Musliimaa akka yeroo kanaatti xiyyeeffannoo argatee kan hinbeekne ta'uu eeranii, hojii hanga ammaatiif sadarkaa magaalichattis ta'ee akka biyyaatti mootummaan Itoophiyaa gaaffiilee hawaasa Musliimaa deebisuuf raawwachaa jiru kana cimsee akka ittifufu gaafataniiru.

Mootummaan Doktor Abiyyiin hogganamu jijjiirama akka biyyaatti dhufeen booda haaluma waadaa galeen damee baankiirratti labsiiwwan barbaachisoo fooyyessuudhaan baankiiwwan guutummaatti dhalarraa bilisa ta'aniifi seera Shariyaatiin bulan hundaa'uusaanii kan yaadachiisan walittiqabaan boordii Baankii Zamzam Doktor Naasir Diinooti. Kunis seenaa biyya kanaa keessatti boqonnaa haaraa mootummaa jijjiiramaa kanaan dhufe waan ta'eef galateeffataniiru.

Fooyya'iinsa labsii damee faayinaansiirratti taasifameen yeroo ammaa baankiiwwan afur kanneen guutummaatti dhalarraa bilisa ta'aniifi seera Shari'aatiin bulan hundaa'aniiru.

Sagantaa lallaba nageenya, galateeffannaafi beekamtii kennuu hojiiwwan hanga ammaatti mootummaan hawaasa Musliimaatiif taasisa ture kanarratti Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmadiifi kantiibaana Magaalaa Finfinneetiif Aadee Adaanachi Abeebetiif beekantiifi badhaasni baankiiwwan Islaamaafi Mana Maree Dhimmoota Islaamummaa Magaalaa Finfinneerraa kennameera.

Mannneen Maree Dhimmoota Islaamummaa Finfinneefi Itoophiyaa yaa'ii nageenya kana qopheessuusaaniitiif kan galateeffatan Kantiibaana Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Aadee Adaanach Abeebee, hojiiwwan misoomaa gara garaa mootummaadhaan hojjataman keessatti deggarsiiif hirmaannaan dhaabbilee amantii cimaa jiruuf mootummaan iddoo guddaa akka qabu himaniiru.

Ilaamee...! Biyya tokko keessatti amantiin tokko isa kaanii ol ta'ee, sabni tokko isa kaanii ol ta'ee, afaan tokko isa kanan caalee jaalalli biyya miira walfakkaatuun akka uumamu gochuun akka hindanda'amne seenaa Itoophiyaa waggaa 30 dura turerraa hubachuun gahaadha jedhan.

Kanaafuu, mirgi walqixxummaa haqaqabeessaa afaanota, sabootaafi amantiilee biyyattii hundaaf mirkaneessuun, miirri jaalalaafi quuqama biyyaa walfakkaatuufi seeneessi waloo akka uumamu carraa kan saaquudha.

Walumaagalatti, gaaffiileen hawaasa musliimaa waggoota hedduuf gaafatamaa turan deebi'anii dhumuu baatanis, isa hanga ammaatiif galateeffachuun waan hafeef karaa saaquudha. Kun immoo moggaa dhiibamuu tanaan dura ture kan hambisu waan ta'eef miirri abbaa biyyummaa akka ittihadhamuufis shoora olaanaa kan bahatuudha.

“Fooyya’uun nageenyaa sochii godinichaa gara gaariitti fideera”

-Obbo Solomoon Taammiruu

Waaqshuum Fiqaadutiin

Finfinnee: Godinichatti tarkaanfii Shaneerratti fudhatamaa jiru hordofee nageenyi fooyya’uusaan sochiin dinagdeefi hawaasummaa haala gaariirra jiraachuu Bulchaan Godina Wallagga Lixaa Obbo Solomoon Taammiruu ibsan. Ummata beelaaf saaxilame baraarufis sochiin taasifamaa jiraachuu himaniiru.

Obbo Solomoon Roobii darbe Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf akka ibsanitti, humni Shaneer sochii dinagdeefi hawaasummaa danquun ummatni hedduun beelaaf akka saaxilamuuf ka’umsa ta’eera. Nama ugguruun maallaqaa gaafachuun, qonnaan bulaa lafasaa omishachuuf xaa’oo fudhatu xaa’oo nyaachisuun jilchuun, sochiin konkolaataa danquufaa rakkoo hamaa murni kun godinichatti dhaqqabsiisaa turedha.

Akka isaan jedhanitti, kanaan duraa godinichi guutummaatti rakkoo nageenyaa qabaataa turus kan aanaalee Begiifi Qondaalaa adda ture. Amma garuu tarkaanfii qindaa’aa fudhatamaa jiruun dabalataan murni kun walitti deebi’ee walrukutuusaan bakki rakkoo nageenyaan eeramu hinjiru. Ummatni rakkoo tokko malee omishasaa sassaabbataa jira.

Godinni kun sababa haala qilleensa mijataa qabuuf hongeef saaxilamuu baatus, keessattuu aanaa Beegii gandoota sadiitti ummatni rakkoo nageenyaaf omishachuu dadhabe beelaaf saaxilamuu himanii, ammaan tana fooyya’uu nageenyaan walqabatee namootni

dhuunfaa, dhaabbileen amantiifi miti mootummaa deeggarsa barbaachisu taasissaa jiraachuu ibsu. Ummatni kun lafasaa akka omishatuuf dhiyeessiin sanyii filatamaafi xaa’oo taasifameefi lafasaa qotatuus, deeggarsi gama mootummaa gahaa waan hintaaneef gara fuulduraatti xiyyeeffatamuu akka qabus dhaamaniiru.

Buusaan Gonofaa Oromiyaa yeroo lamaa sadii deeggarsa midhaan nyaataa taasisuu yaadachiisanii, ta’us rakkoo jiruufi hawaasa deeggarsa fedhuun yommuu walbira qabamee ilaalamu quufsa akka hintaane ibsaniiru. Weerarri dhibee busaas haala baratamaa hintaaneen mudachuun qormaata isa biroo akka tures himaniiru.

Ammaan tana ummatni sochii idileesaatti deebi’uufi rakkoo qaala’iinsa gatii akka biyyaatti jirurraa kan hafe godinichatti rakkoon qaala’iinsa gatii addatti uumame hinjiru kan jedhan Obbo Solomoon, nageenya godinichaa waressuuf marii bal’aa hawaasa waliin taasifameen ummatni murna kana saaxilaa jiraachuusaa illee dubbataniiru.

Tasgabbiin nageenyaa hirmaannaa hawaasa bal’aa gaafata jedhanii, dhimmi nageenya waressuu qaama nageenyaa qofaan waan yaadamu waan hintaaneef hawaasni gurmaa’ee nageenyasaa eeggachuun alatti ijoolleesaa dogoggoraan bosona seenan gara nagaatti deebisuuf tumsa barbaachisa akka taasisu gaafataniiru.

Humni qilleensaa Itoophiyaa...

Leenjitoonni kunneen barumsa ogummaa fudhataniin dabalata balaliisa sa’aatii 250 kan xumraniifi barnoota hoggansaa kan fudhatan ta’uu himanii; barsiisonni balalii humna qilleensichaatti leenji’anis dhiyeenya ni eebbifamu jedhan.

Humni Qilleensa Itoophiyaa jijjiirama booda hidhannoo humna qilleensaa turan fooyyessuufi hidhannoo haaraa hidhachuurratti hojjetaa tureera. Keessumaa gama hidhannoo haaraa hidhachuutiin humna mootummaafi deeggarsa dhaabbileen hojii baay’een hojjetamuu ibsanii; hidhannoo elektironiksii “WaarFeeroochii”, xiyyaarota nama maleeyyii, helikooptaroota ammaayyaa’oofi teknoloojii addunyaan irra geesse hidhachuu himaniiru.

Itoophiyaan biyya birmadummaa biyyoota Afrikaaf qabsoofte waan taateef ayyaana guyyaa

hundeeffamaa humna qilleensichaa kophaa ayyaaneffachuun waan hindanda’amneef marii paanaalii, daaw’anna, agarsiisa qilleensarraafi sagantaalee garagaraatiin dabalamee ajajoota humna qilleensaafi kubbaaniyyoota aviyeeshinii biyyoota Afrikaa 26 waliin ta’uun akka kabajamus ibsaniiru.

Jaalattoonni Itoophiyaa damee ogummaa humna qilleensaatiin sadarkaa guddaarra ga’an agarsiisicharratti ni argamus jedhaniiru.

Akka ibsasaaniitti, humni qilleensa Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa sadarkaa olaanaan guddachaa waan jiruuf dhalootni haaraan humni qilleensichaa filatamaa ta’ee akka ittifufu gochuun ittimakamuu qabu. Sadaasni 20n waggaa waggaadhaan guyyaa Humna Qilleensaa Itoophiyaa ta’ee akka kabajamu Letinaal Jeneraal Yilmaa Mardaasaa ibsaniiru.

Beeksisa

Himataan Abbaa Alangaa fi Himatamtoota Dambii Birrii faa N-3 gidduu falmii yakka Malammaltummaa Waraqaa ragaa ykn eeyyama sirrii hin taane kennuu jiruuf himatamaa 1 ffaa Dambii Birrii Xuquree himatamuu isaa beekke beellama gaafa 18/4/2016 sa’aatii 4:00 irratti Dhaddacha irratti dhiyaatee mirga isaaf akka falmatuuf Manni Murtii Ol’aanaa G/W/Lixaa ajajeera.

Mana Murtii Ol’aanaa G/W/Lixaa

Beeksisa

Mana Jireenyaa maqaa Obbo Nagaash Haayilee Aragaawii tiin galmaa’ee kan beekamu Magaalaa Bishooftuu Dirree Jiituu (01) Lakk. Kaartaa BI/16188/11 bal’inni isaa 594 M² ta’e kaartaan nu jalaa badeera jedhanii waan iyyataniif namni kaartaan kana harkaa qabu yoo jiraate guyyaa beeksisni kun bahe irraa eegalee guyyoota 21 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuutti qaamaan dhiyaatee akka ibsu beeksisa kun ta’uu baannaan garuu Waajjirri Lafaa Magaalaa Bishooftuu kaartaa haaraa maqaa isaanitiin hojjetee kennuuf kan dirqamu ta’uu ni beeksisa.

Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu

Waamicha Yaa’ii Abbootii Aksiyoona Industrii Aannan Qindaawaa Eelemtuutiif Taasifame

Industiriin Aannan Qindaawaa Waldaa Aksiyoona Eelemtuu Yaa’ii Waliigalaa Idilee 12ffaa fi Ariifachiisaa 9ffaa Abbootii Aksiyoona Sanbata - Duraa gaafa guyyaa Mudde 20, 2016 ganama sa’aatii 2:30 irraa kaasee Magaala Finfinnee naannoo Uraa’el Suppar Maarkeetii Baambis cinaa Galma Hoteela “De Leopold Hotel” jedhamutti waan gaggeeffamuuf, Abbootiin Aksiyoona yookiin bakka buutotni seera qabeessa ta’an guyyaa, yeroofi bakka jedhametti argmuun yaa’icha irratti akka hirmaatan Boordii Daayirektarootaa kabajaan waamicha isinii dhiyeessa.

1. Ajandaa Yaa’ichaa raggaasuu;

- 1.1. Ajandaa Yaa’ichaa raggaasuu;
- 1.2. Guddachuu aksiyoonaafi daddabarsa aksiyoona ilaalu;
- 1.3. Gabaasa Boordii Daayirektarootaa bara 2015 dhaga’uu;
- 1.4. Gabaasa odiitara alaa kan bara 2015 dhaga’uu;
- 1.5. Gabaasota dhiyaatan irratti mari’achuun murtoo dabarsuu;
- 1.6. Durgoo j’aa Boordii Daayirektarootaa kaffalamu irratti mariyachuun murteessuu;
- 1.7. Qaboo Yaa’ii Waliigalaa Idilee Raggaasuu;

2. Ajandaa Yaa’ii Ariifachiisaa 9ffaa

- 2.1. Ajandaa Yaa’ichaa raggaasuu
- 2.2. Barreeffama Waraqaa Hundeeffama Waldichaa akkaataa Seera Daldalaa haaraa bara 2013 baheetiin fooyyessuuf yaada murtoo

dhiyaatu irratti mari’achuun mirkaneessuu

2.3. Qaboo yaa’ii ariifachiisaa raggaasuu

• Hubachiisa

Abbootiin Aksiyoona yaa’icha irratti hirmaachuuf dhufan lammummaafi eenyummaa isaanii kan ibsu waraqaa eenyummaa seera qabeessa ta’eeffii haaromfame orjinaalaa fi koppii tokko qabatanii dhiyaachuu qabu.

• Bakka Bu’iinsa Ilaalchisee

Abbootiin Aksiyoona yaa’icha irratti qaamaan argamuu hin dandeenye, karaa bakka bu’aa isaanii hirmaachuun ni danda’ama. Abbootiin aksiyoona karaa bakka bu’aa isaanii hirmaatan guyyaa yaa’ichi gaggeeffamu dursee guyyoota hojii sadii dura Waajjira Muummee Kaampaanichaa Magaala Finfinnee Kutaa Magaala Qirqoos Giddugala Gabaa Dambal Darbii 5ffaa Lakkoofsa Biiroo 507tti argamuun kaayyoo kanaaf unka bakka bu’iinsaa qophaa’e irratti guutuu ykn sanada bakka bu’iinsaa qaama kennuuf aangoo qabu Waajjira Galmeessaa fi Mirkaneessa Ragaaleetiin kenname orjinaala fi koppii tokko dhiyeeffachuun yaa’icha irratti hirmaachuu akka dandeessan isin beeksifna.

Odeeffannoo dabalataaf lakkoofsa bilbilaa 0944060706 tti bibiluun gaafachuu ni dandeessu.

Boordii Daayirektarootaa

Waldaa Aksiyoona Industrii Aannan Qindaawaa Eelemtuu

“Kabajamuun guyyaa sabootaa bu’aa qaabsoo...”

hindeemsisneefi deeggarsa ummata bal’aa kan hinqabnedha.

Saba tokko guddaa kaan xiqqaa godhanii ilaaluun eenyummaa, duudha, afaan, aadaa, amantaa sabootaa miidhaginaafi madda galii ta’uu danda’u faallessuu waldhabdee uumuu waan ta’eef fudhatama hinqabu. Garaagarumman keenya miidhagina keenya malee kan biyya diiguudha jedhanii fudhachuun dogoggora ilaalcha siyaasaa of keessaa qabuudha.

Biyya Itoophiyaa jedhamtu tana keessa olaantummaan jiraatu kan seeraati malee kan saba tokkoo ykn murna tokkoo kan keessummaa’u waan hintaaneeff waggaa waggaa guyyichi kabajamaa jira.

Tokkummaan walqixxummaan bu’uura nageenyaa, misoomaa, guddinaafi badhadhina biyyaa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa waan taphataniif bakki guddaa kennamaafi jedhanii, kunis waliin dhaabachuu sabootaa

kan dhugoomaa jiru ta’uu eeran.

Ijaaramuun biyyaas kan mirkanaa’u olaantummaa heeraa jalatti buluu; kunis miira waldanda’uu, tokkummaa, waloominaafi aadaan, duudhaan akkasumas sirnoota qaban waliif kabajni waliin jiraachuudhaani.

Wayita guyyichi kabajamu sabaafi sablammiileen aartiisaanii, uffata aadaasaanii, shubbisasaanii, nyaata aadaa, safuufi duudhaasaanii miidhagsanii agarsiisu.

Egaa kabajamuun guyyichaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa keessa jiran kan walitti fidu aadaa, duudhaa, wallee, artii, uffata aadaasaanii akka walbarsiisan garaagarummaan kun miidhagina, hawwata tuuristiifi madda galii ta’uu akka danda’u kan agarsiisudha.

Baranas guyyaan kun caasaa gadiirraa kaasee hanga federaalaatti si’ayinaan kan kabajamu yoo ta’u, har’a, Sadaasa 29 bara 2016 yeroo 18ffaaf Jijjigaatti kabajama. Kanaafis

simpooziyeemiin, agarsiisni uffata aadaa, nyaata aadaa, meeshaalee artii Jijjigaatti gaggeeffamaa jira.

Duudhaaleen kunniin Itoophiyaaf miidhaginni waloosaanii dirree itti mul’atu waan ta’eef kabajan gaggeeffama. Guyyaan sabaafi sablammii kun wayita kabajamu salphaa fakkaatullee hiikaansaa daran guddaadha.

Tokkummaafi waloominni sabootaa heeraan guyyaa ittimirkanaa’e mirgi ofiin of bulchuu, qabeenya ofiirratti abboomuu aadaa, afaan, amantaa duudhaa ofii guddifachuu kan waliis kabajuun dirqama ta’uu kan mirkaneesse waan ta’eef Itoophiyaa keessatti bakka guddaa qaba.

Dhaloonni duuba jirus garagarummaan miidhagina biyyaa, hawwata tuurstii, madda galii, humna waloo ijaarsa egeree Itoophiyaa keessattis bakka guddaa kan qabu waldhabdee dhiphisaa kan deemu waan ta’eef dhaalamuufi leellifamuu qaba jedhu ministirichi.

Ilaalchi afaankoo, amantiikoo, duudhaakoo

qofa hordofuutu mala jedhu tokkumma waloo kan diigu, darbees saboota qabsoo hadhaa’aan guyyaa kabajamaa kana lafa qabsiisan biratti fudhatamummaa waan nama dhabsiisuuf waldhiibuurra waliin dhaabachuun falaafi miidhaagina ta’uu beekuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti guyyichi kan kabajamu olaantummaa seeraa lafa qabsiisuuf olaantummaa sabaafi murna dhabsiisuuf tokkummaa waloominaafi biyya badhaateefi hunda walqixa keessummeessitu ijaaruuf waan ta’eef garaagarummaan miidhagina ta’uu beeknee miidhagnee baanee kabajaafi jaalalaan waliin jiraachuun barbachisaadha jechuun ibsaniiru.

Guyyichi guyyaa gammachuu obbolummaa tokkummaa, waldanda’uufi faajjiin waloo Itoophiyaanummaa dhugaa itti mul’atu akka ta’uuf Jaal Qajeelaan hawwii qaban dabarsaniiru.

Guyyaan Sabootaa...

Itoophiyummaan gamtokkoon danummaa sabaafi sablammoota fudhachuun gama biraatiin ammoo tokkummaa cimaa danummaa walqabsiisuun baroota keessa darbee kan dhufe ta’uu ibsaniiru.

Ayyaanichi seenessa biyyaalessummaa tokkummaa sabdaneessummaarratti hundaa’e kan itti ijaaramu ta’uu himanii; biyyaalessummaan, seenessa qeenxee biyya qoqqooduufi dadhabsiisuuf tolfame keessaa daandii ittiin baanuudha jedhan.

Seenaa siyaasaa keenyarra seenaa hawaasummaa keenya guddisnee mul’isuudhaan, kaleessarra carraawaniifi hojjiwwan keenya har’aafi borii irratti hundoofnee, seenessa hundarra caalu kan hawaasa siyaasaafi dinagdee tokkoo sirna heera mootummaarra dhaabbate hundeesuuf kan dandeessisu ta’uus ibsaniiru.

Maddi seenessa biyyaalessaa sabaafi sablammoota ta’uu himanii; kaayyoonsaas sabaafi sablammoonni Itoophiyaa gidraafi qorumsaan osoo adda hinba’in carraa waloosaaniif jecha aarsaa tokkummaadhaan kanfalan cimsuudha.

Sabaafi Sablammoonni Itoophiyaa ijaaru keessatti hinhirmaanne waan hinjirreef Itoophiyaa ijaaran keessaa walqixxummaafi bilisummaadhaan jiraachuu qabu. Itoophiyaa kadhaarraa baraaruu fi bu’uura badhaadhinaa kaa’uufis dirqama hundaa ta’uu eeranii, seenessi biyyaalessummaa walitti qabaa danummaafi tokkummaa giddu gata godhate waan ta’eef Itoophiyummaa hundumaa walitti qabuun bara baraan jiraattu kan danda’amu seenessa biyyaalessummaa cimsuudha jedhan. Yaadota kanneen lapheetti qabachuun ayyaaneffatamuu akka qabus dhaamaniiru.

Oduudhuma walqabateen Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Obbo Shimallis Abdiisaas sabdaneessummaan eenyummaa keenya isa dhugaa hedduuminniifi walqixxummaan keessatti mirkanaa’u waan ta’eef akka agartuu ija keenyaatti tikfanna jedhan.

Dallaa jibbinsaa diignee riqichi jaalalaa ijaarrus gaaddisa sabdaneessummaafi walqixxummaa jalatti ta’uu hunduu hubachuu qaba. Kun ammoo harka tokkoon abidda qabatani harka biraatiin araaraaf qophaa’uun osoo hintaanee shira lagatanii qajeelummaan nagaaf of qopheessuun milkaa’a jedhan.

Kanaafis mootummaan harka araaraaf diriise yoomiyyuu kan dachaasu akka hintaanee irra deebiin waamicha dhiyeessina jedhanii qaama Heera sagalee ummataa ragga’erratti aggaammii taasisuufi nageenya ummataa booressurratti mootummaan hojii olaantummaa seeraa kabachiisuu cimsee kan ittifufu ta’uu hubachiifna jechuunis ibsan.

Guyyichis kan gammachuu, badhaadhinaafi waadaa keenya haaromsuun imala ijaarsa biyyaa itti fufsiifnu nuuf haa ta’u jedhan.

Afya’iin Caffee Oromiyaa Aadde Sa’aadaa Abdurahmaan guyyaa sabootaa sadarkaa Oromiyaatti Godina Harargee Bahaa, Magaalaa Maayaatti Roobii darbe kabajamerratti guyyichi guyyaa sirni qeenxee ittileellifamu cabee sirna sabdaneessummaatti ce’uun mirkanaa’eedha jedhan. Guyyichi hundaafuu hiikaa guddaa qabas jedhan.

Guyyichi guyyaa walqixxummaafi obbolummaan ummattoota biyyaattii ittimirkanaa’ee waan ta’eef seenessaafi sirna qeenxeerraa gara sirna waloominaatti ce’ame waan ta’eef guyyaa addaati. Bu’aalee sirna federaalizimiin dhufaa jiran cimsuun isa caaluuf cichuu murteessaadha jedhan.

“Federaalizimiin sabdaneessummaan...”

2ffaa bara hojii 3ffaa taasisseen Sadaasni 29, guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa ta’ee akka kabajamu murteessuusaa yaadachiisaniiru.

Murtoo kana hordofees waggoota 17n darban keessatti qindeessummaa Mana Maree Federeeshinii, naannoleefi bulchiinsa magaalotaatiin guyyichi sirnoota garagaraatiin kabajamaa turuun ala tokkummaafi obbolummaa cimsuu keessatti shoora mataasaa taphachaa as ga’uu himaniiru. Guyyaan kun kabajamuusaatiin eenyummaan, aadaafi afaan barootaafi dhokatanii turan ifatti mul’achaa, guddachaa dhufuus dubbataniiru.

Akka isaan jedhanitti, yeroo ayyaanni kun kabajamu waancaan hidha haaromsa guddichaa naannoo ayyaanichi itti kabajamu keessa naannessuun qarshii walitti qabuun hidhichi sadarkaa amma irra jirurra akka ga’u gumaacheera.

Haa ta’u malee, jijjiiramaan dura haala qabatamaa tureen sirni federaalizimii sabdaneessaa heeraafi waraqaarratti mul’achuurra darbee ummattoota biyyattii karaa guutuun fayyadaa akka hinturre eeranii; jijjiiramaa as garuu naannoleen maqaa “naannolee guddinarra jiran” yookiin maqaa “Paartii deeggartootaa” jechuun fayyadamummaa dinagdeefi siyaasaarraa moggaatti dhiibamaa turan gara wiirtuutti

akka hiiqan taasisuun ala federaalizimii sabdaneessummaa hojiitti hiikuuf sochii jabaan taasisfamuu himaniiru.

Haaluma kanaan jijjiirama dura yeroo naannoleen biyyattii sagal turanitti, paartii bulchitoota naannolee afuriitiin ala paartileen bulchitoota paartiilee naannolee shanii maqaa paartii deeggaraa jedhu qofa itti maxxansuun dhimma biyyaarratti murtoo kamuu akka hinmurteessine taasisfamaa turaniiru jedhan.

Kabaja ayyaanichaa marsa 18ffaaf baranaatiin walqabatee Obbo Tarrafaan akka jedhanitti, ayyaanichi mataduree, “Hedduminniifi Walqixxummaan Tokkummaa Biyyaalessaaf” jedhuun qopheessummaa Mootummaa Naannoo Somaaleetiin Kabajamaa jira. Matadureen kunis hedduuminni qabeenya uumamaan biyyattiin qabdu ta’uun hubatamee ijaarsa biyyaaf akka ittifayyadamnu kan agarsiisudha.

Akka baroota kanaan duraa osoo hintaanee ayyaanichi barana guyyoota shaniif moggaasawwan guyyaa Obbolummaa, Waliinummaa, Hedduuminaa, Ida’amuufi Itoophiyaa jedhamaniin kabajamaa jira.

“Itoophiyaatti Musliima ta’uun akka lammii lammaffaa qofa osoo...”

shakkiin ilaaluun hordoftoota amatichaa shororkeessaa turan.

Gaaffiileen bu’uura hawaasa Musliimaa gumii/dhaabbata musliimaa bakka bu’u qabaachuu, filannoo Majiliisaa ilaalchisee mootummaan amantii keessa akka hinseenne, fayyadamummaa hordoftoota amantichaa mirkaneessuuf baankiin Islaamaa akka dhaabbatu ta’uufaa ibsee; bara mootii Hayilasillaasee gumiin dhimma Islaamummaa dhorkamus bara ADWUI garuu Manni Maree Dhimmoota Islaamaa maqumaaf hundaa’us dhaabbata amantii ta’uunsaa hafee akka dhaabbata mitmootummaatti waggaa sadii sadiiin eeyyamnisaa haara’aa turuu yaadachiisaniiru.

Hawaasni Musliimaa tajaajila baankii dhalarraa bilisa ta’e argachuurraa fagaatee baroota dheeraaf dinagdeen miidhamaa turuu kaasanii haa ta’uutti, jijjiiramaa as, keessattuu xiyyeeffannaa Ministirri Muummee Doktor Abiyi Ahimadiin baankotni biyyattii hedduun tajaajila bilisaa kennuu eegaluu bira darbee baankotni Islaamaa hundaa’uu dubbataniiru. Kana malees, majiliisni labiin hundaa’uun, bakka ijaarsa masjidoota mootummaan kennamuun jijjiirama guddaa ta’uu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun gaaffii hawaasa Musliimaaf aarsaa guddaa kaffalaa kan turaniifi yeroo ammaa Gorsaa Seeraa Pirezdaantii Majiliisa Federaalaa

akkasumas miseensi Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataa Ustaaz Kaamil Shamsuu gamasaanitiin, hawaasni Musliimaa sababa amantiisaaf jecha akka saba biyya biroorraa buqqa’ee Itoophiyaa dhufeetti ilaalamaa turuu yaadachiisani, hawaasni kun garuu dhiibbaafi jibba tureef osoo hinjilbeenfatiin barootaaf falmachaa as ga’uu dubbataniiru.

Hawaasni Musliimaa sababa maallaqaa dhalaan walqabatuu fiin fayyadamummaa dinagdeerraa dhiibamaafi tasgabbaa’ee akka sirna amantiisaa hinadeemsifanneef doorsisaafi sodaachifni garagaraa taasisfamaa turuus yaadachiisaniiru. Yeroo ammaa garuu hirmaannaansaa gama hundaan mirkanaa’uu kaasanii, wantoonni

hunduun deebii argataniiru jechuu akka hintaanee eeraniiru.

Dhiibbaan rogawwan maraa amantii Islaamaarratti taasisfame namoota siyaasaan malee ummatni biyyattii hawaasa Musliimaa waliin jaalalaafi tokkummaa jabaan akka qabu dubbatanii, daldala siyaasaatiif jecha walitti bu’iinsi yeroowwan garagaraa mudataa turan keessatti inni tokko isa biroo bararaa turuu himaniiru.

“Namni nama hingalateeffanne uumaasaa hingalateeffatu” kan jedhu qajeelfama amantii Islaamaa ta’uus eeranii, jijjiiramaa as waan ta’e hundaaf mootummaa jijjiiramaa galateeffataniiru.